# QAACCESSA QABIYYEEWWAN SIRNA FUUDHAAFI HEERUMA SABBATMARII GOODINA SHAWAA LIXAA AANAA CALLIYAARRATTI KANXIYYEFFATE

**ARAGGAASH LEELLISAA QAQQABAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) GAMISAAM GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNVARSITII FINFINNEE KOOLLEEJJIINAMOOMAA,**

**QORANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLORII**

**ADOOLESSAA, 2019**

**ADDIA ABABAA**

# Qaaccessa Qabiyyeewwan, Sirna Fuudhaafi Heeruma Sabbatmarii Goodina Shawaa Lixaa Aanaa Calliyaarratti Kanxiyyeffate

**Qopheessituun: Araggaash Leellisaa**

**Gorsaan: Amaanu'eel Alamaayyoo (PhD)**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa(Ma) Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'e Yuunvarsiitii Finfinnee Koolleejjii Humaanitii, Qorannoo Afaanii, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiif kan Dhihaatu Sadarkaa Madaallii Yuunvarsiitiin Kaa'e Kan Guutu**

**Adoolessaa, 2019**

**Addia Ababaa**

# Yuunivarsiitii Finfinnee

# Dhaabbata Qorannoo Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu gamsaan guuttachuuf Araggaash Leellisaa, Mataduree: Qaaccessa Qabiyyeewwan Sirna Fuudhaafi Sabbatmarii Godina Shawaa Dhihaa Anaa Calliyaa irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivasiitiin kaa'een guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo __________________ Guyyaa___________

Qoraa Keessaa ______________________ Mallattoo ___________________ Guyyaa___________

Gorsaa ____________________________ Mallattoo ___________________ Guyyaa___________

_______________________________________________________________

Qindeessaa muummee sagantaa digirii lammaffaa (MA)

## *Axereera*

*Kaayyoon qorannoo kana qabiyyeewwan sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo Godhina Shawaa Dhihaa Aanaa Calliyaa qaaccessuudha. Qorannoo kana gaggeessuuf wanti qorattuu kana kakaase sirni fuudhaafi heeruma sabbatmarii hafaa waan dhufeef kadhaa irraa kaasee hanga fuudhaatti qabiyyeewwan sirinnicha keessatti argaman, afoolawwaniifi fakkoommii sirnnicha keessatti dhimma itti bahama dagatamaa jiru. Kanaafuu duudhaafi beekumsi hawaasaa akka hinbadneef ergaa isaan dabarsan qaaccessuun barreeffamaan kaa'uun dhaloota hubachuusuudha. Odeefkennitootni qorannoo kana irratti hirmaatan abbootii gadaa, haadholii siiqee, jaarsolii, hojjettoota aadaafi tuurzimii, waajjira koomnikeeshiinii aanichaa keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataa (purposive sampling) fayyadamuun filatamaniiru. Ragaalee qorannoo kanaaf oola funaanuufis afgaaffii, marii gareen funaanamaniifi qaaccssa barreeffaman jiran gargaaramteetti. Ragaalee meeshaalee kanaan funaanaman mala akkamtaa fayyadamuun qaacceffamaniiru. Argannoon qorannoo kanaa adeemsa fuudhaafi heeruma sabbatmarii Orommoo keessatti qabiyyeewwan, argaman fuudhaafi heeruma biroo keessaatti kanneen hinargamnellee jiraachuun bira gahameera. Weedduun sirna kana keessatti weeddifaman jibbinsa dhugaa akka hin agarssfne ta'uuf, garuu sababa dhiibbaa amantii, guddina saaynsiifi teeknooljiitiin hafaa dhufuunsaa biragahameera. Fakkoommiiwwan sirnicha keessatti mul'atan duudhaa hawaasaa, meeshaa aadaa, aartiifi afoola kan bu'ureeffate ta'uun biragaahmeera. Isaanis: nama qaama hir'uu, qurcii, jaamaa, farada luugamaan dhaabuu, intala heerumtu qalaamaa fardaatti aggaamsisun, caaccuun, okoleen, siiqqeefi ulee harooressaa qabachuun gurbaa fuudha dhaquun,, dhoqee buusuun intala irra ejjechiisuun, aannan itti biifuun eebbisuun akka dhuudhaa hawaawa aanichaatti maal maalitti akka fakkeeffamu qaacceffamee dhiyaateera. Kanaafuu, duudhaa hawaasaa kana tursiisuufi itti fufinsa akka godhatu hawaasni Oromoo keessattuu qorattoonni aadaafi tuurzimii godinaa hanga gandaatti dhalootaa haaraaf bifa hindagatamneen viidiyoodhaan ykn barreeffamaan dabarsuutu irraa eegama. Akkasumas waajjirri aadaafi tuurisimii qama dhimmi kun ilaallatu hunda wajjin ta'uudhaan manguddoota hawaasa kana keessaatiif haala mijeessuun dhaloota akka hubachiisantu irraa eegama. Dabalataanis qabiyeewwan sirna fuudhafi heeruma kana keessa jiran kunuunsuufi dhalootaaf bu'ura kaa'uun barbaachisaadha.*

## Galata

Hunda dursee gufuufu gufata hunda bira dabarsee barnoota kana akkan baradhufi qorannookana akkan hojjeedhu fayyaafi nagaa kan naaf kennee waaqayyoon guddaan galateeffadha.

Itti ansuudhaan nuffii tokko malee yaadaafi ogummaa qaban osoo hinqusatiin kan nagargaaraa turan gorsaakoo Dr. Amaanu’eel Alamaayyootiif galannikoo daangaa hinqabu.

Dabalataanis qorannoonkoo kun akka galma ga’uuf odeeffannoo gahaa naaf keennaa kan turan waajjira aadaafi tuuriizimii aanaa Calliyaafi waajjira koominiikeeshiinii aanichaatiif galata guddaan qaba. Akkasumas bakka adda addaa irratti haala mijeessanii odeeffannoo akkan guurradhu kan nagargaaraniifi odeeffannoo kan naafkennaan abbaakoo Obbo Leellisaa Qaqqabaa,Obbo Tamasgeen Makuriyaafi Obboo Tasfaayee Dheerssaa guddaan isaan galateeffadha.

Akkasumas qorannoo kana akkan hojjedhu yaadaafi maallaqaan dabalataanis odeeffannoo akkan funaannadhu kan nagaargaaran maatii, firoottankoofi hiryoottankoo yeroo hundaa najajjabeessaa turaniif galannikoo guddaadha.

Dhumarratti namoota kallittii adda addaatii haala naaf mijeessanii odeeffannoo akkan argadhu nagargaaran akkasumas hojjiikootiif najajjabeessan hundaa baay’een galateeffadha.

## Jibsoo

Barraaqa - subii, obboroo, barii

Gaa'ila - Fuudhaafi heeruma

Bokkuu - ulee abbaa gadaa

Hooda -wanta amantiidhaan kabajamu

Ijibbaata - sabbatmarii

Ittiin maganuu - itti kadhachuu

Makoobillii -tuma (seera bulmaataa)

Rakoo - ilmoo hoolaa yeroo intalli manaa baatu qalamtu

Siiqqee - ulee dubrtootni ykn gurbaan fuudhu qabatu.

## Gabaajee

GB --------------Gaaffii Bu’uraa

I/G/W/A/T.-----Ittigaafatamaa Waajjira Aadaafi Tyyrizimii

I/G/W/K.------Itti gaafatamaa waajjira koominikee

M/G/X.------------Marii Garee Xiyyeeffataa

Sh/Dhihaa -------Shawaa Dhihaa

W.A.T. –---------Waajjira Aadaafi Tiirizimii

W/A/T/A/C.------Waajjira Aadaafi Tuurzimii aanaa Calliyaa

# Baafata

**Qabiyyeee** **Fuula**

*Axereera* .......... I

Galata .......... II

Jibsoo .......... III

Gabaajee .......... IV

Baafata .......... V

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Ariirraata Qorannichaa .......... 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa .......... 3

1.3 Kaayyoo Qorannichaa .......... 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo .......... 4

1.3.2 Ka*ayyoo Gooree* .......... 4

1.4 Faayidaa qorannichaa .......... 4

1.5. Daangaa Qo'annichaa .......... 5

1.6. Hanqinaa Qorannichaa .......... 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA`A BARRUU

2.1. Yaadrimee Fookiloorii .......... 9

2.2. Gooroowwan Fookloorii .......... 13

2.2.1. Aartii Fi Sochii Qaamaa .......... 14

2.2.2. Barsiifata Hawaasaa .......... 15

2.2.3. Meeshaalee Aadaa (Material Culture) .......... 15

2.2.4. Afoola (Oral Literature) .......... 16

2.3. Sirna Gaa'ilaa (Sirna Heerumaafi Fuudhaa) .......... 17

2.3.1. Maalummaa Gaa'ilaa .......... 17

2.3.2 Akaakuu Fuudhaafi Heerumaa .......... 19

2.3.2.1. Sabbat Marii(Ijibbaata) .......... 19

2.3.2.2. Kadhaa(Naqata) .......... 20
2.3.2.3 Aseennaa .......... 21
2.3.2.4. Butii .......... 22
2.3.2.5 Dhaala .......... 23
2.4. Dayeessota Fookloorii (Theories Of F.olklore) .......... 23
2.4.1. Yaadiddama Faayideessummaa (Functional theory) .......... 23
2.4.2. Yaadiddama Hiikaa (Interprative/Symbolic Theory) .......... 24
2.5. Maalumma Fakkoommii .......... 26
2.5.1. Fakkoommii Mallattoon Argamu .......... 27
2.5.2. Fakkoommii Sochii Qaamaan Argaman .......... 28
2.5.3. Fakkoommii Abjuu .......... 28
2.6. Sirnoota Hawaasaa(Rituals) .......... 29
2.6.1. Sirna Gadaa .......... 30
2.7. Barruuwwan Walfakkii .......... 30
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO MALAAFI SAXAXAA QORANNOO
3.1 Saxaxa Qorannichaa .......... 32
3.2. Mala Qorannoo .......... 32
3.3. Madda Odeeffannoo .......... 33
3.4. Irraawwaatama Qoranniichaa .......... 33
3.5. Iddattoofi Mala Iddatteessuu .......... 33
3.5.1. Mala Iddatteessuu Akkayyoo .......... 34
3.5.2. Mala Iddatteessuu Darbaa Dabaarsaa (Snowball) .......... 34
3.6. Tooftaalee Funaansa Ragaa .......... 35
3.6.1. Af Gaaffii .......... 35
3.6.2. Marii Garee Xiyyeeffataa (MGX) .......... 36
3.6.3. Sakkatta'a Galmee. .......... 36
3.7. Mala Qaaccessa Odeeffannoo .......... 36

3.8. Naamusa Ogummaa ........ 37

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEFFANNOO

4.1. Adeemsa Sirna Fuudhaafi Heeruma Sabbatmarii Aanaa Calliyaa ........ 38

4.2. Qabiyyeewwan (Waantoota) Adeemsa Fuudhaafi Heerumaa Sabbatmarii Keessaa ........ 41

4.2.1. Wantootta yeroo kadhannaa fuudhaafi heeruma sabbatmariitiif barbaachisan ........ 41

4.2.1.1. Kallacha ........ 41

4.2.1.2. Halangaa ........ 42

4.2.1.3. Baala Ulmaayii (Naaffuree) ........ 42

4.3. Meeshaalee Yeroo Cidhaa ........ 43

4.4. Meeshaalee Yeroo Eebbaa ........ 45

4.4.1. Waddeessa Abbaa Gadaa ........ 45

4.4.2. Caaccuu ........ 46

4.4.3. Marga Coqorsaa ........ 47

4.4.4. Caaccuu Fi Callee ........ 47

4.4.5. Okoleefi Gaadii ........ 48

4.5. Sirboota Ykn Weedduuwwan Yeroo Cidhaa Weeddifaman ........ 48

4.5.1 Weedduu Heeruma Duraa ........ 49

4.6. Akaakuu Fakkoommiiwwan Sirna Fuudhaafi Heerumaa Sabbata-Marii Keessaa ........ 57

4.6.1 Fakkoommii Qurcii ........ 57

4.6.2. Nama Qaama Hiruu,Ooluufi Fakkoommiisaa ........ 57

4.6.3. Farda Luugamaa Fi Fakkoommii Isaa ........ 58

4.6.4. Ulmaayii,Naffuree Fi Fakkoommii Isaa ........ 58

4.6.5. Sirna Mana Ijaarsaa Fi Fakkoommii Isaa ........ 58

4.6.6. Wanta Aadaa Gurbaan Qabatee Fuudhaaf Deemuufi fakkoommii Isaa ........ 59

4.6.7 Ulee Siiqqee, Ulee Harooressaa Fi Fakkoommii Isaa ........ 59

4.7. Yeroo Intalti Mana Warraatii Baatu Waantoota Raawwataman ........ 60

4.7.1. Rakkoo Qaluu Fi Fakkoommii Isaa ........ 60

4.7.2. Gundoo Booree ........................................................................................... 60
4.7.3. Gundoo Booree Fi Fakkoommii Isaa........................................................... 61
4.7.4. Qalaamaa Fardaa Yaabbachuu Intala Heerumtuu Fi Fakkoommii Isaa ...................... 61
4.7.5 . Yeroo Karra Warra Gurbaa Gahan Fi Fakkoommii Isaa........................................... 61
4.8. Yeroo Mana Warra Gurbaa Seenan ........................................................................ 62
4.8.1. Dhoqqee Loonii Irraa Ejjechuu Fi Fakkoommii Isaa ................................................ 62
4.8.2. Lafa Taa`anii Eebbifamuu Fi Fakkoommii Isaa......................................................... 62
4.8.3.Aannan Itti Biifuufii Fakkoommii Isaa ........................................................................ 62
4.8.4. Gaafa Shananii Maqaa Baasuufi Fakkoommiisaa...................................................... 63
4.9. Sirna Fuudhaafi Heeruma SabbatMarii Yeroo Ammaa Sadarkaa Inni Irra Jiru ................ 63
BOQONNAA SHAN: ARGANNOO GUDUUNFAAFI YABOO
5.1 Cuunfaa ....................................................................................................... 64
5.2 Argannoo....................................................................................................... 65
5.3 Yaboo ........................................................................................................... 67
WABIILEE ........................................................................................................ 69
Dabaleewwan..................................................................................................... 73
Dabalee A.......................................................................................................... 73
Dabalee B.......................................................................................................... 74
Dabalee C.......................................................................................................... 75

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ariirraata Qorannichaa

Uummatni kamiyyuu aadaa mataasaa kan qabu yoo ta'u uummatni Oromoos uummata aadaa fuudhaafi heerumaa, duudhaa, amantii, sirnoota adda addaa, sonaafi falaasama mataasaa qabu keessaa tokko fooklooriidha. Fooklooriin Oromoo eenyummaa Oromoo kan ibsuuta'ee labata haaraaf muuxannoofi beekumsa walgonfachiisuuf akka meehaatti kan tajaajiludha. Dhalli namaa barreeffama osoo hinjalqabiin dur fookloorii, ogafaan, bocaa, akkiifi k.k.f.niin yaadasaa ibsaa tureera. Uummatni kunis qaccee hidda dhaloota kuushirraa kandhufe yemmmuu ta'u durii hanga ammaatti gaanfa baha Afrikaarraa saba jiraatudha. Afaan Uummatichaa Afaan Oromoo;,Afaan Arabaafi afaan Hawusaatti aanee baay'inaan kan dubbatamuuf sadarkaa sadaffaarratti kan argamudha.

Akka ragaan lakkoofsa uummata Itoophiyaa bara 1999tti ademsifame addeessutti baay'inni uummaticha miiliyoona soddomii shan ta'a jedhama.Akkasumas Oromoon aadaa,seenaa, duudhaa, falaasama jiruufi jireeyaa, beekumsa bu'raa hawaasni qabu keessaa tokko fooklooriidha. Fooklooriin Oromoo eenyummaa uummatichaa hunda labata haaraaf muuxannoofi beekumsa walgonfachiisuuf akka meeshaatti kan tajaajiludha.

Uummata addunyaa kanarratii dhaha mataasaaanii kanneen qaban muraasa keessaa isa tokko ta'uu (Asmarom, 1973) mallattoo qaroominafi eenyummaasaa kan ta'e sirna gadaatiin qajeela. Gadaan sirna guddaa jiruufi jireenya uummata Oromoo mara kan qajeelchu daawitii calaqqee eenyummaa Oromooti jechuun ibsa.

Akka yaada hayyoota kanaarraa hubatamutti osoo maalummaa gadaa Oromoo hinhubatiin eenyummaafi duudhaa Oromoo hubachuun rakkisaa ta'uu ibsa.Akkasumas duudhaa hawaasaa ilaalchisee Malaaknee(2006:8)social folk costom is agroup interpration observance ,births rituals intiations,marriages and burial ceremonies scular and religios festivals.Akka yaada hayyuu kanarraa hubatamutti duudhaan hawaasaa walitti dhufeenya garee hawaasaa ta'ee,kabaja guyyaa dhalootaa ,sirna raawwii gaa'ilaa raawwii sirna hawwaasichaa, kabaja guyyaa amantiii miti amantiifi k.k.f. of keessatti hammata.Sirnni gaa'ilaas duudhaa hawaasaa bebbeekamoo ta'an keessaa isa tokkoofi oaanaadha. Akkasumas fookloorii Oromoo safuufi jireenya walgargaaruufi fuinsa diroo(sanyii)namaati",jedha.

Alamaayyoonis (2007)yaada kana yoo cimsu “jireenyi Oromoo kallatti kamiyyuu keessatti sona calaqqisisan mul’isa. Kanaafuu, dhaa’immaan dhalatanii guddatanii yemmuu umuriin isaanii gahu akka aadaa uummatichaatti nifuudhu ykn niheerumu. Kana ilaalchisee Dirribiin (2012:85) akka ibsutti “Gaa’ila jechuun fuudhaafi heeruma ilma gahefi intala geesseeti. Bu’aan gaa’ilaas xiinxalamuu kandan da’u aadaafi sirnootaaadda addaa keessatti madaaluunidha, jedha.Tena (2008) yoo ibsu“The Oromo comept and practice of Pease is based on traditional values beliefs anchored in the OromoHaaluma kanaan gadaan sirna hunda galeessa waan mara kan of keessatti hammatuuf jiruu fi jireenya uummata Oromoo kallattii maran kan sakkata’u ta’uu(Asaffa, 1993) Alamayyoon(2007) Asmarom(1973) akkanatti ibsu.

> *Gadaan bu’aa kalaqa sammuu dhala namaa isa ol’aanaa ta’ee sirnaDhaloottaa sadarkaadhaan qoqqoodee aangessuun aangichummoo waggaa saddet saddetiin daddabarsuun dhimmota bulchiinsaa, siyasaa, dinagdee, hawaasumaa, aadaa, duudhaafi amaantii akkasumas, dhimmoota hawaasaa, safuu hawaasaa, dhimmoota seeraafi sirna, nagaafi tasgabbii hawaasichaa mara kan ilaalatuu jaarmiyaa hunda galeessadha, jedha.*

Oromoon aadaasaa, dinagdeesaa, siyaasa, hawaasummaasaa bulchinsaafi sirna gadaa jalatti tikfachaa ittiin walbulchaa ture isaa eeggachuun sirnoota adda addaa ni rawwata.

Kunneen keessaa sirni aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo isa tokko.Aadaan yaada bal’aa kan of keessaa qabudha. Kana ilaalchisee .Kunis jireenya ilma, beekumsasaa, dandeettisaa, amantiifi duudhaasaa, aartiifi miidhaginasaa, uffatasaa. nyaatasaati. Walumaagalatti aadaan mallattoo eenyummaa uummata tokkoo kan ibsu jechuun ni dandaa’ama” jedha.

Yaada kanarraa hubachuun akka dandaa’amutti aadaan haala jiruufi jireenya uummata oromoo mara guutummaatti kan ibsu ta’uu mul’isa. Haaluma kanaan aadaan gochaaleefi sirnoota hawaasa keessatti rawwataman marti wanti itti fakkeeffamaniifi hiikni itti kennamu ni qaba.

Uummatni Oromos sirna fuudhaafi heerumaa bifa garaagaraan raawwachaa kan tureefi ammas raawwachaa kan jirudha. kanneen keessaa beekamoon: Naqatanii fuudhuu, butii, aseennaa, sabbatmarii, ababbaliifi hiikkannoo fa’i. Kanneen keessaa mata dureen qorannookoo gosa fuudhaafi heerumaa sabbatmarii irratti kan xiyyeeffatu ta’ee, qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii keessatti raawwataman qaaccessudha.

Sabbatmariin gosa fuudhaafi heeruma uummata Oromoo keessaa isa tokko ta'ee, warra intalaas ta'e intalli heerumtu osoo hinbeekiin karaa maatii gurbatiin murteeffatanii fuudhuuf bahanidha. Sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti gochaaleen yoomeessa itti raawwataman akkamitti akka raawwatamaniifi meeshaaleen qabatamanii dhaqani jiru. Kanneen kunis akkaa aadaa fuudhaafi heeruma uummata Oromootti kallatti adda addaatiin wanta itti fakkeeffaman niqabu. Kanaafuu gochaaleen sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii uummata aanaa Calliyaa keessatti qabiyyeewwan qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

Haaluma kanaan qo'ttuun kunis duudhaafi aadaa Oromoo biratti beekamaa kan ta'e sirna fuudhaafi heeruma kana keessatti sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii keessatti gaggeeffaman qaaccessuurratti xiyyeeffate kanxiyyeeffatedha.

**1.2 Ka'umsa Qorannichaa**

Qorannoon kun qaaccessa qabiyyeewwan sirna fuudhaaf heeruma sabbamarii Aanaa Calliyaa qaaccessuu irratti xiyyeeffatee kan adeemsifamedha. Uummatni kamiyyuu afoola mataasaa niqaba, Afoolasaatiinis aadaasaafi seenaasaa ibsata. Uummatni Oromoos aadaafi seenaa bal'aa qabuu keessaa aadaa fuudhaafi heerma sabbatmarii isa tokkodha. Gosti fuudhaafi heerumaa kunis akka aanaa Calliyaatti badaa dhufeera. Kunimmoo duudhaafi beekumsa hawasaa sirna kana keessa jiran dhokseera. Kanaafuu ka'umsi qorattuu kanaa qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii sirnicha keessatti argaman qaaccesuun barreefamaan kaa'uun dhaloota hubachuusuudha. Sababni isaas duriikaasee dhiibbafi cunqursaa uummata Oromorratti gaggeeffamaa tureen Afaan Oromoo afaan dubbii qofaa ta'uufi afaan barreeffamaa ta'uu dhabbuun aadaafi seenaa uumatichaa ukkamsaa turuun dhiibbaan guddaan geessiseera (Alamaayyoo.2007).

Ibsa kanarraa kan hubatamu uummatni Oromoo bittaa jala turuun isaa seenaafi aadaansaa akka baay'inaan hinqoratamne ta'uusaa mul'isa.

Haa ta'u malee hamma hubannoo qorattuu kanaattii barruwwaan adda addaa sakatta'uuf yaaltetti qorannoon kallatti adda addaan gaggeeffamee jira. Fakkeeyaaf Galaanee Diimaa Raawwii fuudhaafi heerumaa Gabbaraa Goodina Arsii Aanaa Arsii Nagalleetti bara (2011) xiinxaluun ergaa isa hawaasa aanaa sanaatiif gumaachiteetti. Akkasumas Haayiluun (2016) qo'annoo kana gumaacheera.

Kanaafuu qo'attuun kun sirna fuudhaafi heeruma kana irratti qorannoo gaggeessuu gaaffilee bu'uraa armaan gadii qabadhee ka'eera.

- Qabiyyeewwaan sirna fuudhaafi heeruma ssabbatmarii keessaa maalfa'i ? Dhaamsa maal dabarsu?
- Akaakuu fakkoommiiwwan fookloorii srina fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo Aanaa Calliyaa keessa jiran maal fa'i?
  - Fakkoommiiwwan sirna fuudhaaf heerumaa kana keesstti maaliin fakkeefffamu?
  - Afoolonni raawwii sina fuudhaafi heerumaa kana keessatti hojiirra oolan isaan kami? Maalittis fakkeeffamu?
  - Afoolawwan kunniin ergaa maalii qabu? Yeroo ammahoo sadarkaa maaliirra jiru?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaaayyoon qorannoo kanaa Qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii sirna fuudhaafi heeruma Sabbatmarii Goodina shawaa Lixaa Aanaa Calliyaa qaaccessuudha.

### 1.3.2 Ka*ayyoo Gooree*

- *Qabiyyeewwan aadaa fuudhaafi heerumaa kana keessaa adda baasuun ibsuu.*
- *Akaakuu fakkoommiiwwan sirna* fuudhaafi heeruma sanbbatmarii keessa jiran adda baasuun ibsuu.
- Ergaa fakkoommii sirna kana keessaa qaaccessu.
- Afoolawwan raawwii sirna fuudhaafi heeruma kana keessatti argaman ibsuu.
- Afoolawwan raawwii sirna kana keessatti garagarman maaliin akka fakkeffaman adda basuun ibsuu.

## 1.4 **Faayidaa qorannichaa**

- Hawaasni Oromoo yeroo ammaa qabiyyeewwan adeemsa fuuhaafi heerumaa keessatti duraan turanfi dagataman duubatti deebi'anii akka yaadataniifi xiyyeeffanno itti kennuun aadaafi safuu dhaloota haaraaf akka gumaachan gagaara.
- Waajjirri aadaafi tuurizimii aanaa Calliyaa bu'aa qorannoo kanaa ciicata godhachuun duudhaa haawaasicha akka qortuuf isa gargaara.

- Duudhaa hawaasa sana keessa jirufi beekumsa hawaasaa  mul’isuufi ifa baasuudha.
- Namoota mata duree kana irratti qoraannoo gaggeessuu barbaadaniif ka’umsa ta’a.
- Mana dubbisaa yuuniversiitii Finfinnee keessatti barattootni dubbisanii madda irraa argachuu danda’u.
- Mana dubbisaa hawaasaa aanaan sanaa keessatti (public library) kaa’uun ergaa fakkoommii sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii akkasumas gochaaleen fuudhaafi heerumaa kana keessatti raawwataman maaliin akka fakkeeffaman dubbistootaaf gumaacha.

### 1.5. Daangaa Qo’annichaa

Qorannon kun gama lamaa kan daanggeffame yemmuu ta.u, gama mata dureetiin kana irratti xiyyeeffate akka qoodinsa Dorsonitti gooroowwan fookloorii arfan jalaa dudhaa hawaasaa ta’ee, qaaccessa qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii aadaa fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo irrattii xiyyeeffatedha. Bakkaanimmoo uummata Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Calliyya keessa jiraatan qofarratti daangeffamuun gaggeeffameera.

### 1.6. Hanqinaa Qorannichaa

Qorattuun kun yemmuu qorannoo kana gaggeessitutti rakkooleen mudatan hedduudha; ta’us galmaga’insa qorannoo kannattifi rakkolee mudataan heddu keessa darbuun qorannoo ishee raawwatteetti.

Rakkoolee kanneen keessa bu’ura kan ta’an qaamolee hawaasaa keessaa odeefkennitoota heddummunaan argachuu dhabuudha..  Inni biroo gorsaa koo waliin yeroo yerootti wal arguun yaada waljijjiruu irratti haalli mijaa’aa miti.  Sababni isaas qorannoo kana qorattuun hojii idilee ishee osoo hojjettuu adeemsifti waan ta’eef yeroo gahaa ta’eefi haala  mijataan dhaabmuun mudachuu isaati. Dabalataanis, naannoo qorrattuun  jiraattu meeshaaleen dubbisaa bal’inaan waan hin jirreef kitaabolee wabii gahaa argachuun rakkoo isa birooti. Rakkoon baajataafi geejjibaas qorannoon kun akka haalaan hin gaggeeffaamne hanqinni mudachuunsaa isa biroodha.

Rakkolee geejjibaafi Faayinaasiin walqabatu furuufis qorattuun maallaqa qabdu dhimma barbaachisa ta’e qofaatti fayyadamun akkasumas bakka barbaachisaa ta’e qofatti geejjiba baasuun miilaafi fardaan deemuun odeeffannoo funaannachuu qabdu funaannattee galma geesseetti.


## Ibsa Naannoo Aanaa Calliyaa

Aanaan Calliyaa Naannoo Oromiyaa Godia Shawaa Dhihaatti argaman keessaa tokko. Aanaan kun kara dhihaan, Aanaa Iluu Galaan Bahaan, Aanaa Baakkoo Tibbeefi Liiban Jaawwiifi Dirree Incinniin daanggeffamteeti.Akkasumas kaabaanimmoo aanaa Midaa Qanyiifi Jimmaa Raaree kibbaan aanaa Daannoofi Jibaatiin daanggeffama.

Haalli qilleensa aanaa Calliyaa baddaafi baddadaree yoo ta,u 38.3% baddaa 61.7%baddaa dareedha.Baay,inni uummata aanaa Calliyaa  akka ragaan lakkoofsa uummataa bara 1199 ibissutti kan baaddiyaa dhiira 39,708  dhalaa 40,379  walitti 80,087 yoo ta,an kan magaalaa dhiira 909 dhalaan 7181 walitti 96,347dha.

bahu.Haaluma kanaan ragaaleen adda addaa akka ibsanitti Magaalli kun bara 1934tti bulchinsa magaalaan hundeeffamtee turuudhaan bara 1976ttimmoo Magaalli godittii aanaa Calliyaa Geedoo jedhamti. Moggaasni maqaa “Geedoo” jedhu kun bara durii yeroo weerara Xaaliyaanii waraannii gaggeeffamaa osoo  jiruu namni “Geedyoon” jedhamu naannoo sanatti waan du,eef moggaasni kun kenname jechuun abbootiin raga pilaanii magaala arggatte.Magaalli Geedoo Finffinnee irraa kiiloomeetra 176 kan fagaattu yoo ta,u, magaala Amboorraa gara lixaatti kiiloomeetira 64 fagaattee kan argmtudha.

Uummanni aanaa kana keessa jiaatu irra jireessaan Oromoo yoota’u sabni Amaaraafi Guraageenis nijiru. Akkasums, amantiin waaeffannaa, Ortoodooksii, Piroteestaantiifi Musiliimatu aanicha keessatti argama. Haata’u malee amantiin  uummata Oromoo hedduun kirstaanaafi waaqeffataadha. Haaluma kanaan aadaa fuudhaafi heerumaa kana keessatti amantiin bakka guddaa waan qabuuf sirnoota isaanii keessaati waltti hidhuu raawwaatu.




Kaartaa Aanaa Calliyaa (Waajjira Aadaafi Tuurzimii aanichaarraa) Gaafa 02/06/2011 kan Fudhatame.





Suuraa dubartoota Aanaa Calliyaa yerroo ayyana hirecha calalaaqitti kabajuu

(Madda: W/A/T/A/C.)

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA`A BARRUU

.Boqonnaa kana keessatti yaada hayyootaa mataduree waliin hidhata qaban sakatta'un barbaachisaadha. Kunis dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu sana ilaalchisee beektotni dursanii maal akka jedhan sakatta'uun qorannichaaf kallattii kenna. Akka Berg.B.(2001:19)irratti ibsutti barreeffamotni armaan dura mata duree sana waliin walitti dhufenya qaban sakatta'uun faaydaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannichaatiif barbaachisan gabbifachuudha. Haaluma kanaan boqonna kana jalatti maalummaa sirna gaa'ilaafi gosoota fuudhaafi heermaa ibsuun barruuwwan sirna kanaanan walitti dhufeenya qaban sakatta'amaniiru.

Fookloориin duudhaa hawaasaatiif bu'ura waan ta'ef fookloorii ilaalchisee yaadrimee fooklooriifi gooroowwan fookloorii irratti haayyootni maal akka jedhan sakatta'uunis barbaachisaa ta'a. Sababni isaas fuudhaafi heerumni waantoota fooklooriin qorataman keessaa isa tokkodha. Waa'ee fookloorii osoo hinbeekiinimmoo duudhaa hawaasa qorachuun rakkisaa waan ta'eef fookloorii ilaalchisee yaadrimee hayyootni fooklooriif kaa'an skatta'ameera.

Kanaafuu kanneen sina fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo wajjin walitti dhufeenya qaban yaaxinoota qorannichi deeggaran, fakkoommiin gabaabbinaan sakata'amaniiru. Sababnisaas beekumsi garee hawaasaafi duudhaan gooroo fookloorii jalatti waan ramadamuuf qabiyyeewwan sirna fuudhaafi heeruma irratti barruuwwan garaagaraa sakatta'amniiru.

## 2.1. Yaadrimee Fookiloorii

Yaadrimee fookloorii Finnegan R.(aproduct of homogenous) uummata duubatti hafoo (un sophisticated people) walitti hidhatiinsa hariiroo qaamaa waliin qaban (common physical bonds)fi faayama waliin isaan ibsu kanneen qaban akka ta'e ibsite. Akka yaada hayyuu kanaatti, hawaasni fookloorii jireenya durii (hin hammayyoomin) kanneen yoomessa uumamaa keessatti jireenya duudhawaa jiraatani dha.Uummata duubatti hafoo (unsophisticated people) jechuun immoo kanneen yoomessa uumamaa keessatti waliin jiraataniifi namooman walitti hidhata qabaatan ta'uu agarsiisa. Solomon (2007:6) hayyoota Alen Dandesfi Stepen Martin wabeeffachuun akka ibsetti, yaadota gurguddoo lama ofjalatti hammata. Isaanis dhimmoota qoratamaniifi saayinsii dhimmoota kanneen qoratu dha.

Yaadrimee fookiloorii Finnegan R. (1977:39) akka waan bu'aa walfakkoommii (as Akka hayyuun kun kaa'etti, jechi "folklore" jedhu dhimmoota qorataman yoo ta'u, saayinsiin dhimmoota fookloorii qoratu immoo qorannoo fookloorii (folklore studies), qorannoo haala jireenyaa (folklife studies)fi fooklooristiks (folkloristics) jechuun itti fayyadamaa turaniiru.

Solomon(2007:6) itti dabaluun wiliam john toms jecha "folklore" jedhu moggaasuun eega itti fayyadamee, moggaasni afaan jarmanii "volkuskunde" jedhu dhiibbaan irra ga'uu ibse. William john toms jechoota afaan ingilizii "folk"fi "lore" walitti fiduun jecha "folklore" jedhu osoo hin uumiin dura jecha afaan jarman "volkuskunde" jedhamuun akka waamamaa ture hayyootni ibsaniiru.

> *Hayiluun (2016) yaada rimee fookiloorii akka waan bu`aa walfakkoommii (as a product of homogenous ) uummata duubatti hafoo (un sophistific atedpeopl ) walitti hidhatins hariiroo qaama waliin qaban (commoon physical bonds) fayyadama waliinii isaanii ibsuu kanneen qaban akka ta`e jedha.*

Akka yaada hayyuu kanaatti hawaasni fookiloorii jireenya durii kanneen yoomeessa uumamaa keessatti jireenya duudhawaa jiraatanidha. Uummata duubatti hafoo (un sophistificated people) jechuun immoo kanneen yoomeessa uumamaa keessati waliin jiraatani fii namoommaan walitti hidhata qaban ta`uu agarsiisuu hayiluun(2016) yaada hayyoota garaagaraa wabeeffachuun akka ibsetti yaadota gurguddoo lama of jalatti haammata. Isaanis dhimmoota qoratamanii fi sayinsii dhimmoota kanneen qoratudha .

Akka hayyuun kun kaa`etti yaadni hubaatamu jechi "folklore" jedhu dhimmoota qorataman yoo ta`u saayinsiin dhimmoota filookilari qo`aatu immoo qoraannoo fookloorii ( folklore studies) qoraannoo haala jireenyaa (folklife studies) fooklooristiik(folklorisfic) jechuun itti fayyaadamaa turuu ibsa.

Akkasumas Dundas(1965) " lore" jechuun jecha"folklore"jedhu yommuu ibsu "folk" jechuun gamtaa namootaa xiqqaatee xiqqaatu dhimma tokko waliin qooddatu bakka bu`a jedha. Dhimmi isaan walitti hidhu sun ogummaa wal fakkaatu afaan,amantii fi k.k.f ta`uu ni mala.

Hayyuun kana itti dabaluun akka ibsutti “fookiooriidhaaf” hiika tokko kallattiin kennuurra unkaawwan (akaakuuwwan) garaagaraa ittiin argannu tarreessuun tokko tokkoon unkaawwaniif akkaataa amala isaaniitiin adda addaan hiikuun filatamaa ta`uusaatiif hubannoo gama kanaa gonfatamurraa hiika fookloorii dhiyeessuun kan danda`amu ta`uu isaa eera.

Akka ibsa kanarraa hubatamutti fooklooriin miseensota kanneen akka raagoowwan, seenaa, Baacoo,Hibboo, Jechama, Faaruu, booyicha, tolchaawwan (mora), eebba ,abaarsa, kakuu, arrabsoo,dubbii dabsuu,nageenya walii hawwuu,uffata aadaa, sirboota aadaa, doo`ii aadaa, cigoo, jaalala, barreeffamoota, siidaaraa, kadhaa waaqaa, lakkofsa latii (hidda) akaakuu nyaataa, hadhaa, wixineefi sigaajjaa (design), akaakuu ijaarsa manneeniifi dallaa guyyoota ayyaanaafi k.k.f ofkeessatti akka haammatu mul`isa.Yaaduma kana cimsuun “folklore”isa traditional “folklore”is traditional beliefs ,customs,& stories of a community passed through the generation by worth of mouth ,a body of popular myths or beliefs relating to aparticular place activity or group of people “(oxford dictionary of English .2010:679)

Akka yaada kana irraa hubatamutti fooklooriin waantoota biroos nii qabaata, amantii, Aadaafi barsiifata kan uummatni yeroodhaa gara yerootti keessa darbaa dhufe irra caalaa walaloo gaggabaabaa, Seenaa,waantoota yaadaan jiran ,durduriiwwan seenaa durii dhugaa ta`uu dhiisuufii danda`uu ,seenaa bara durii uumaa wajjin wal qabaatu ta`ee kan dhugaa hin taane fa`aa ta`uu agarsiisan gama biraan fooklooriin sochii qaamaa (dance), taphoota, sirboota ,dargaggeessaa gaggabaaboo ,mammaaksota, hibboo, gochaalee ragaa amantiilee,ni dabalata.

> *Folklore is any of the beliefs customs and traditions that people pass on from generation to generation much folklore concicts of ballads, fairytales folktaleslegends and myths folklore also includes arts and crafts, dances,games,nursery,proverbs,addles,songs, supertitions and religious celebration* (word Ing: 1994:322).

Yaadni kun gara Afaan Oromootti yommuu hiikamu fooklooriin amantii duudhaa barsiifata uummatni dhalootaa dhalootatti waan dabarsu hunda ilaallata.kunis foolkilooriin baacoowwan durduriiwwan ,seenaawwanii fi raagamtaawwan akkasumas ogummaawwan harkaa ,sirboota ,taphoota ,mammaaksota,hibboowwan ,ayyanotaa fi amntiiwwan of keessatti akka haammatu cimsuun

> *Folklore is the social, material, and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites.The material culture comprises architecture, art and crafts. The oral culture includes songs,tales legends,proverts and peddles*
>
> (Iseucs,1981:457).

Yaada kanarraa akka hubatamutti fooklooriin hawaasummaa meeshaalee hambaafi afoola hawaasaa kanneen taphoota addaa addaa shubbisahojiiwwan amantaa kan haammatu,meeshaalee aadaa,ogummaawwan ijaarsaa garaagaraafi afoola hawaasaa faaruuwwan durduriiwwan ,seenaa, mammaaksaafi hibboo kan of jalatti qabudha. Kana malees yaada kanaan kan walfakkaatu akka armaan gadiitti ibsameera.

> *Folklore in its broadest sense is the poor of the culture ,customs and beliefs of social that is based on popular traditional . It is produced by the community and is usually transmitted ordly or by demonstration. In addition to folklore and poetry the principal subjects treated in this articles . Folklore includes arts and skills and music ,dance*.(Encylopedia America 1983:498).

Barruu kanarraa akka hubatamautti fooklooriin yeroo bal`ifamee ilaalamu aadaa ,barsiisotaafi gochaawwan duudhaa beekamaa irratti kan hundaa`udha.

Akkasumas kan uumamus hawaasummaarraa ta`ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbudha. Itti dabaluunis Oring(1986:1355) Dundos wabeeffachuun akkas jechuun ibsa,"folklorecan refers any group of people what so ever who share atleast one common factors. The common facts create asense of collective identify ,so that any population with such as asense could be regarded as a folk " jetti.

Akka yaada kanarraa hubatamutti "folk "jechuun garee hawaasaa kamiyyuu ta`ee yoo xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha. Waan isaan waliin qooddatan kunis miira ogummaa eenyummaa keessatti uumuu akka danda`u agarsiisa. Miirri kun dhuftee hawaasichaa aadaa fi amantaaf bu`uura ta`a. Kanaafuu gareen hawaasaa uumama foolkilaariif bu`uura ta`uu mul`isa.

Walumaagalatti bu’urri duudhaa hawaasaa fooklooriidha waan ta’eef sirnoota hawaasaafi fookloorii ilaalchisee yaada hayyoota adda adda saktta’uun kaa’ameera.

kanaafuu kanneen sina fuudhaafi heeruma sabbatmarii oromoo wajjin walitti dhufeenya qaban yaaxinoota qorannichi deeggaran, fakkoommiin gabaabbinaan sakata’amaniiru. sababnisaas beekumsi garee hawaasaafi duudhaan gooroo fookloorii jalatti waan ramadamuuf qabiyyeewwan sirna fuudhaafi heeruma irratti barruuwwan garaagaraa sakatta’amniiru.

### 2.2. Gooroowwan Fookloorii

Fooklooriin gooroowwan addaa addaatti qoodama. Barbaachisummaa qoodama kanaaf Salamoon(2007:57) Bar.T. (1996) Wabeeffachuun yommuu ibsu.

> *Ogeessi fayyaa tokko osoo keessoo fayyaa qaama namaahin hubatiin waa`eeqaamaa ibsuu akkuma hindandeenye, ogeessi xiingogaa tokkos waa`eeSagalee ,Jechaa,hiik isaa osoo adda hin baasiin waa`ee afaanii adda baafachuu akkuma hindandeenye namni waa`ee fookloorii qo`atu tokkos gooroowwan kanarratti osoo hubannaa gadi fageenyaa hin qabaatiinwaa`ee foolkilaarii dubbachuu ni ulfaata. Haala kanaan qqoodnee qoa`achuuyoo hindandeenye immoo nutumti walwalii keenyaafuu walhubachuun (walii galuun) ulfaataa ta`uu danda`a, yaada jedhu qaba.*

Akkasumas fooklooriin dameewwan addaa addaa qabaachuusaa Simasfi fi stephens (2005:2) yoomuu ibsan “folklore is a present in many kinds of informal communication whether verbal(oral and written texts) customarals(of thinking and behavering. It is about art people and ways people learn” jedhu.

Ibsa kanarraa akka hubatamutti fooklooriin walii galtee alidilee keessatti dubbii afaanii,duudhaa ,amaleeffannaa fi amantii ,meeshaalee(waantoota qabatamoo keessatti argaman ibsa. Kunis barsiifata haala hawaasni itti yaaduu fi amaleeffatu of keessaa qaba.

Haaluma kanaan qo`attoonni fookloorii hedduun amala inni qabu irratti hundaa`uun gooroowwan addaa addaatti qoodanii jiru. Martha fi Sims (2005) ogofaan, meeshaa aadaafi duudhaa hawaasaa jechuun yommuu qoodan Dorson (1972) immoo aartiifi sochii hawaasaa itti dabaluun iddoo afuritti qoodee jira.

Yaaduma kana cimsuun Fiqade Azeze (1991:10) qoodamni fookloorii kanneen arfan yoo haammatan bayeessa jechuun adeemsa qooddii Dorson jajjabeessa.

Siyyid .H(2006) immoo  tooftaa qoodinsa Dorson akkuma jirutti fudhatee aadaa duudhaa hawaasaa isa jedhu amantiifi duudhaa adda baasuuf jecha aadaa hawaasaafi barsiifata hawaasaatti qoodamuu qaba yaada jedhu qqaba.

Akeekni qoqqooddii kanaas bifa qindoomina qabuun roga qoqqooddii kanneenii qorannoowwan bal`aa adeemsisuuf yaada jedhurraa akka madde Salamoon (2007:58) ni ibsa. Isaanis afoola, aartii, sochii qaamaa, barsiifata/duudhaa hawaasaafi meeshaalee aadaati.

**2.2.1. Aartii Fi Sochii Qaamaa**

Gostii fookloorii kanaa afaaniifi gochaalee qaamaatiin kan mul`atudha. Kunis sirba ykn shubbisaafi diraamaa kan of keessatti haammatudha. Afoola ,sochii qaamaa ykn sagaleedhaan ala dabarsuun rakkisaadha.  Kan geeraru yoo jiraate kan jajjabeessu jiraachuun huin oolu,kan mammaaku yoo jiraate kan dhaggeeffatu jiraachuun dirqama.  Kanaafuu afoola keessatti gochi ga`ee olaanaa qaba. Waa`ee kanaa Ruth Fennegan kitaaba Oral Literature in Africa jedhu keessatti akkaataa armaan gadiitti ibsiti.

> *It is always essential to raise point wich word seen only secondary in thecase of writtenliterature question about the details of performance,audience occusion to ignore these in an oralword is to risk missing much of the sub lefy flexiblitiy and individual origionality of its creater and forthermore to fail to give consideration to the asphetic canons of these intimately conserned in the production and reception of these formof literature/Fennegan (1970:12).*

Akka yaada kanarraa hubannutti afoola keessatti gochaa malee waan dhiyaatu nyaata ittoo malee nyaatamu waliin tokko akka ta`etti hubachuun akka danda`amuufi gochi gahee olaanaa qabaachuu lubbuu kan horudha.Damee kana jalatti muuziqaa, aadaa, shubbisa, Ragada aadaa, shaggooyyee diraamaa aadaa kanneena kana fakkaatan haammata (fekade 1991:12).

### 2.2.2. Barsiifata Hawaasaa

Barsiifatni hawaasaa ce`umsa sadarkaa( sirna gadaa,dhaqna qabaa,fuudhaa fi heeruma,haala lakkoofsa baraa, jilaafi kabaja ayyaana itoophiyaafi barsiifata amantii kan of keessaa qabudha,Fekade 1991;10-15).

Akka yaada hayyuu kanaarraa hubannutti barsiifanni hiika guutuu kan hawaasa tokko keessatti bifa addaa addaatiin kan hubatamudha. Kun immoo beekumsa garee hawaasaa tokko keessatti bifa addaa addaatiin hubatamuuf kan mula`atu jechuun nidanda`ama.

### 2.2.3. Meeshaalee Aadaa (Material Culture)

Meeshaaleen aadaa damee fookloorii keessqaa tokko ta`uu sims stephens ( 2005;13-16) yommuu ibsan:-

> *Material folklore takes anumber of different form soaf it "permanentsuch as architectural structural or functional tools,and sompointing or paper,ornamentor not material culture as in common that is tangible can be touched,seen,eaten or lived in. In many cases these material objects are handcraftedbut theyalso may be mass-produced items that are used expressive ways. Such as holiday decorations or art facts, jedhu.*

Akka yaada kanarraa hubannutti meeshaaleen aadaa bifa garaagaraan argamu. Kanneen yeroo dheeraaf ta`uu danda`an meeshaalee miidhaginaa ykn kanneen dhimmoota biroof gargaaran waantoota yeroo gabaabaaf turan kanneen akka nyaataa, faayaa, waraqaa irratti hojjetaman ta`uu ibsa.

Akkasumas Kennasaaf Gammachuu(2004) Hoder(1989) keessatti akkasitti ibsu, "The culture antefacts that peoples make and use the things people do are the general basic for understanding what" jedhu.

Namootni fedhii meeshaafi xiinsammuu guuttachuuf dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan waantoota ijaarsaan mul`ataniif harkaan qabamuu danda`amanidha . Isaanis Ijaarsa manaa,faayaafi meeshaalee harkaa, aartii fakkii hojii qiyyasaa, uffata aadaa kan haammatudha.

Hiikni waanta aadaa tokkoo yeroo fi bakkaan murtaa`a. Kana yoo ta`uu baate rakkoo akka qabu wood ward (2007) yoo ibsu “When certain piece of material,culture are viewed out side the boundaries of time and space that can appear incongruous in consistent or even disturbing, jedha.

Waan hawaasni tokko uume ifatti fayyadamuuf raawwatu ilaalanii hawaasichi maal akka yaaduufi addunyaa kana irratti ilaalcha akkamiin akka qabu hubachuun ni danda`ama. (Gammachuu;Magrsaafi (2004). Hafee kana irraa akka hubatamutti hawaasni tokko sirnaafi aadaa isaa keessatti kan itti dhimma ba`u kanneen akka faaya garaagaraa,nyaataafi dhugaatii,meeshaa jireenyaa, meeshaalee sirna walumaa galatti mallattooleen garaagaraa gochaafi jechaan qabatamaadhaan adaa hawaasa tokko keessatti muldhatan falaasamaafi ilaalcha hawaasichaa addunyyaaf qabu kan argisiisu ta`uudha.

**2.2.4. Afoola (Oral Literature)**

Afoolli foolkilaarii afaaniin ogummaa hawaasa tokkoo kan dhalootaa gara dhalootaatti himamsa afaaniin darbudha. Kana ilaalchisee Ben-Amos (1979:430) Brunuad wabeeffachuun afoolli gelba uummatni afaan tokko dubbatan walitti dhufanii daawwitii aadaa isaaniifi ilaalcha ykn walummaa isaanii agarsiisudha jedha. Akkasumas imaanaan yaada kana cimsuun (2007) yoo ibsu

> *Afoolli meeshaan ,duudhaan,amantiin, dinagdeefi siyaasnihawaasa tokkoo kan afaanii dhalootaa dhaloo tatti darbudha. Akuma namni tokko maalummaa isaa daaw itii keessatti argu hawaasni muuxannoo yeroo dheeraa horateefi tuullate afoola isaatti gargaaramuun ofdeebi`ee arga. Akkasumas beekumsaafi muuxannoo hawaasa yeroo dheeraa waanta`eef sona,aadaa,safuufi seenaa hawaasichaa ifa baasa, akka dhaloota fufuutti lufuus nitaasisa ,jedha.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti dhimmoonni hawaasa keessatti hunda galeessa ta`uufi dhalootaan darbeefi dhaloota itti fufuun kan wal simsiisu ta`uu mul`isa.

Dabalataanis Austin (1994:85) ogafaan handhuura ykn walakkeessa daandii jireenyaafi lubbuu aadaa uummataati jedha. Yaanni kuniis riqicha uummanni jireenya isaa guyyaa guyyaatti ittiin tarkaanfatu ta`uu isaa mul`isa.

*Verbal folklore includes any kind of lore including words,whetherset to music ,organized in chronological story form.or simply labelingan act ivity or expressing a belief in a word or phrase.Some of the most recognizable from verbal lore*

Akka yaada kanarraa hubannutti afoolli dame fookloorii keessaa isa tokko ta`eek an afaaniin dhalootaa dhalootatti darbudha. Kanneen akka sirbaa, kaagamtaa, duraaduriiwwaniifi kanneen kana fakkaatan of keessatti haammata.

Walumaa galatti afoolli,duudhaafi amantii falaasama saba tokkoo ibsuuf kan danda`u ragaa seenaa ,aadaa *studied by folklorist, folksongs, myths and folktales (sims and stephens, 2005;13)*fi jireenya dhalootaa darbee kan ibsudha.

## 2.3. Sirna Gaa'ilaa (Sirna Heerumaafi Fuudhaa)

### 2.3.1. Maalummaa Gaa'ilaa

Akka guutummaa addunyaatis ta‟ee, akka haala qabatamaa biyya keenyaatti daa‟imman dhalatanii guddatan yommuu umuriin isaanii akka aadaa uummatichaatti gaa‟elaaf ga‟e ni fuudhu yookin niheerumu. Dirribii (2012:85) akka ibsetti, gaa‟ela jechuun fuudhafi heeruma ilma ga‟eefi intala geeseti. Bu‟aan gaa‟elaas jireenya walgargaaruufi itti fufiinsa diroo (sanyii) namaati. Yaaduma kana Obsan (2010) yoo ibsu,

*Marriage is one of the most important institutions in Oromo culture. Elders and members of the community have roles in initiating or preparing the young for the premarriage, while and after marriage responsibilities and chunks (haftee) of events constantly changing and continuing in time under these internally motivated and externally induced factors .Obsan (2010:21).*

Akka yaada waraabbii armaan oliitti, fuudhafi heerumni wantoota akka aadaa Oromootti beekamaniifi barbaachisummaa olaanaa qabani dha.Abbootiniifi miseensi hawaasichaa dhimmoota gaa‟elaa keessatti shoora olaanaa taphatu.Kunis dargaggeeyyii osoo hin fuudhin, yeroo fuudhaafi fuudan booda jajjabeessuufi kaka‟umsa itti uumaan. Kanaafuu cimdiin kunniin dhaabbilee hawaasummaatti makamuun jireenya haaraa akka uumaniif gaheen hawaasaa warren umuriin jarreen kana duursanii iddoo olaanaa qaba.

Dirribii (2009) akka ibsetti, Dhuftee gaa"elaa qixaan lafa kaa"un rakkisaa ta"uu danda"a. Haata"u malee seera Oromoon dhimma gaa"elaa irratti tumatee ittiin walgeggeessaa ture waan nutti himu qaba. Seera amma yoonaatti ifa ba"an keessaa immoo seera tuma gaa"ela irratti tumame ilaaluun ni danda"ama.

Ijoolleen jajjaboon, ciccimoon akka dhalatanitti ilmi ga'e haafuudhu, Intalli geesse haaheerumtu. Fuudhafi heeruma irratti jaalafi waa'ela kadhatanii fuudhafi heeruma sana haa mirkaneessan; yommuu ilmi fuudhu, yommuu intalli heerumtu biqila guutuu hafaaniin qabsiisanii, abbaa, haati, anteen, haa eebbisan (murteen seera). (Dirribii 2009:269)

Yaada kanarraa wanti hubatamu, uummanni Oromoo seera ittiin bulmaataa tumate kan mataa isaa niqaba ture. Kanneen keessaa seerri Makkoo Bilii gaa"ela ilaalchisuun baafama isa tokko dha. Akka seera kanaatti, ilmi ga"eefi intalli geese yemmuu umuriin isaanii ga"e gaa"elaan walitti ni hidhamu. Gaa"eala irrattii jaalafi waa"ela kadhachuunni barbaachisa. Kana malees, yemmuu fuudhafi heerumni geggeeffamu biqila afaaniin qabsiisuun abbaa, haaatifi aanteen ni eebbisu.

Kanaafuu uummatni kamiyyuu aadaa eenyummaasaa ittiin ibsatu keessaa inni tokko sirna fuudhaa fi heerumaati. Marriage is which is practiced in all part of the world varies in it is definition and ceremony from society to society developing on general socio culture economic development and level of technological advancement. Dorson(1972).

Sirni fuudhaa fi heerumaa kan addunyaa keessatti argamu akkaataa hiika isaatiin gargar ta`uu ni danda`a. Akkasumas akkaataan adeemsa isaa hawaasaa hawaasatti gargar ta`uu danda`a.kunis akkaataa duudhaafi guddina biyyaa irratti hundaa`a. Uummatni oromoos aadaa mataa isaa ni qaba. Aadaa uummata oromoo keessaa immoo aadaan fuudhaafi heerumaa isa tokkodha Fuudhaafiheerumni adeemsa ilmi namaa bultii ijaarrachuun dhaloota itti fufsiisuuti. Yaada kana cimsuuf:-

> *Marriage about law and commitment and to keying both the familyline and next generation going. Marriage is honorable before God andasacred covenant bet man,wife and god.Marriage is a forming a loyal union to care for any offaspring that union products comptete each other manand women "fit "*

*together. (http:answers yahoo. com question/index? (Aid=20100518092640 AACq 6 cd)., Gaafa guyyaa 23/08/2010 ilaalame.*

Akka yaada barreeffama kanaatti fuudhaafi heerumni fedhiifi jaalala maatii godhachuu dhaloota gara fuulduraaf bakka buusanii darbanidha. Akksumas walitti dhufeenya abbaa manaa fi haadha manaa dhala godhachuun kan waliin jiraataniiti. Fuutiifi heerumni waaqa biratti fudhatamaafi jaalatamaa kan ta`e kan dhiiraaf dubartiin biyya lafaa irratti jiruufi jireenya geggeessanii dhaloota dhufu bakka buusanidha.

Kaayyoon fuudhaafi heerumaa hawaasa kamiiyyuu inni guddaan dhaloota dhufu uumuun dhaloota biyya lafaa tursiisuuf karaa aadaa hawaasni sun qabuun kan gaggeeffamudha,bultii ijaarrachuu dhiiraaf dubartiidhas.

*Marriage legally and socially sanctioned union between one or more husband or one or more wife that accords states to the offsprings and is regulated by laws ,rules,customs,belief and attitudes that prescribed the rights and duties of the parner(encyclopedia britanic, 1992 v7 p87).*

### 2.3.2 Akaakuu Fuudhaafi Heerumaa

Haala jireenyaafi adeemsa waliin jiraachuu keessatti haali fuudhaa fi heerumaa gargar ta`uu danda`a. Haala fuudhaafi heerumaa geggeeffamu irratti hundaa`uun gosootni fuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoos gosa garaa garaatu jiru. Isaanis naqatanii fuudhuu ,aseennaa ,butii, ababbalii, dhaala, hiikkannoo fa`aa,sabbat marii yoo ta`an akka aanaa calliyaattis gosootni fuudhaafi heerumaa kunniin ni raawwatamu.Haata`u malee xiyyeeffannoon qorannoo kanaa gosa fuudhaafi heerumaa sabbat marii (ijibbaata) bu`uureffata.

#### 2.3.2.1. Sabbat Marii(Ijibbaata)

Sabbat mariin gosa fuudhaafi heerumaa uummata oromoo dhiha shawaa aanaa calliyaa keessaa isa tokko. Adeemsi isaas duudhaa fi safuutti gargaaramanii yeroo gabaabaa keessatti (gaa`ela battalaa) uumuu dha.

Sabbat mariin yaad rimee yaadota garaagaraa lamarraa kan walittidhufe yoo ta`u yaadni jalqabaa kallachatti sabbata marani intala kadhachuu waan deemaniif, sabbata kallachat marame sanaan

wal qabsiisuun kan ibsamu yoo ta`u  yaad rimeen lammataan jecha” sabbata maruu”jedhurraa kan dhufe yoo ta`u hiikni isaa dafanii xumuruu ykn goolabuu kan jedhu of keessaa qaba. (obbo Tamasgeen Makuraa, obbo Fiixumaa Iddoosaa, Aadde Alamii Saaqqataa).

Yaada kana ka`umsa godhachuun sabbatmarii keessatti gochaaleefi adeemsa isaa yeroo gabaabaa keessatti kan xumuramu gonkumayyuu guyyaa dhuma kadhata intalaa fudhatanii kan galan waan ta`eef yaadrimeen inni lammaffaa yaada kana haalaan kan ibsudha.

Kaayyoon sabbatmariin dhaabatamuuf waan lamadha. Inni duraa maatiin lamaan walii galtee naqatanii seeraan cidha raawwachuuf erga walii galanii booda sababa warri intalaa guyyaa gaa`elaa lafarra harkisanii warra gurbaatti gabbarri bay`achuun  warri gurbaammoo dafanii fuudhuu barbaadu yoo ta`e qophii cidhaaf barbaachisu hunda dhoksaan erga qopheessanii booda manguddootaafi dargaggoota dhiiraa fudhatanii halkan qe`ee warra intalaa deemu. Dukkana halkanii sanaan balbala jaraa bira baala ulmaayiifi alangaa kaa`uun hanga bari`utti naannoo manaa turanii eegu.

Akkasumas aadaa uummata Oromoo aanaa Calliyaa biratti warri gurbaafi intalaa osoo waliigalanii guyyaa beellamatanii jiranii intalli fuudhaaf kaadhimamte fedha gurbaatti heerumuu yoo dhibdee badde warri gurbaa bakka biraa deemuun sabbat mariin fuudhuuf murteessu. Ganama yeroo maatiin intalaa mana banatan “ Aaga baasi ilmi aagaa diida jirti ilma keenya abaluuf intala keessan abaluu kennaa “ jechaa kadhaa fii gaaffii itti fufu.Sirna fuudhaafi heeruma kana keessatti inni fuudh uu xiiqeffateetu mana baha waan ta’eef dhoksaadhaan dhaqu.Haaluma kanaan irreessa, siiqqee, kallacha caaccuu fuudhanii  dhaqu. Akkasumas farda luugamuun fuudhanii dhaquun dhaabbatu.Haaluma kanaan yeroo lafti barii’u warri intalaa karra banachuun yoo argan abbaanintalaa “narraagalaa faanan marii’adha” jedha.

### 2.3.2.2.  Kadhaa(Naqata)

Gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa isa beekamaadha. Akka Yeneenesh (2002) ibsitutti,gosti fuudhaafi heerumaa kun gosoota hunda caalaa kabajni guddaan kan kennamuufi hanga ammaatti baay’inaa gaggeffamaa kan jiruta’uusaati. Karaabiraatiin gosti fuudhaafi heerumaa kun hawaasa biratti dhiirriifi dubarri safuufi duudhaa hawaasaa eeguun seera guuttachuun adeemsa dhaloota ijaaranidha.

*Nakata is one of the formal type of marriage among the society under gustion, in which a young boy and girl come in to union with full consent of their parents as well as with the consultant of immediate kinsen in the process of negotiation(Beraanee 1982).*

Yaada hayyuu kanaatti naqatni gosa fuudhaafi heerumaa aanaa kanati argaman keessaa kan feedhii ijoollee walfuudhaniifi maatii isaanii iratti hundaa'uun bifa seera qabeessaan duudhaafi safuu hawaasaa eguun maatii isaaniin gaggeeffamaa jirudha.(Taaddasaa 2011).

### 2.3.2.3 Aseennaa

Aseennaan gosa fuudhaafi heerumaa keessa isa tokkodha. Akka Birnuun Ayale wabeeffachuun (1994:31.) ibsutti"Asenna is a party of marriage in which case girl enters heerumaa kun karaa the man's house whom the wisher to marry without his previous knowledge or intention to marryher. gosti fuudhaafi heerumaa kun karaa lamaan ta'uu danda'a .Inin tokkoffaa osoo gurbaan quba hin qabaatiin intalli ofoosheetii gurbaa jaalattee kan itti heerumtudha. Kan biroommoo umuriin ishee heerumarra yoo darbe murtoo fudhatti."After agirl reached puberty stage she she has to get marriage. Othrwise,she will be concedered as one who pssed the age of marriage which is known as haftuu (Biranuu 1998).

Haaluma kanaan haftuu jedhamuurra jettee osoo gurbaan hinjaalatiin dirqamsiiftee itti seenti. Aseennaan inni lmmaffaammoo,gurbaafi intalli osoo waljaalatanii jiranii akka tasaa yoo waldhaban intalli aseenna eemti. Yaada kana ilaalchisee Yeneensh (2010)yeroo ibsitu: gurbaafi intalli jaalatanii bakkeetti waliin jiraachaa turanii gidduutti durbummashee fudhatee yookaan ulfeessee yoohaaluu barbaade intalli kun aseennaa seenti.Durbi umurii ishee heerumrraa yoodarbe ilaalicha hawsaa dhiibbaa qabaachuu agarsiisa.This maybe her parents low social status,an ugliness of the girl and her bad milkii (fortuner that one may get it in born (Biranuu1998)

Walumaagalatti durbii aseenna heerumtu hawaasa kana keessatti iddoonisheef kennamu baayee gadaanaadha waan ta'eef aseennaan hawaasa kana keessatti bal'inaan nimul'ata.

### 2.3.2.4. Butii

**G**osti fuudhaafi heeruma kun gurbaan intala jaalatee erga qorateen booda fedhiisheen ala dirqisiisuun humnaan haadha warraa godhachuuf kan fuudhudha. Kunis osoo isheen hinbeekin hiriyyootasaa waliin haala mijeessee dirqamaan butee gala. Yaada kana deeggaruuf (Berhanu 1998) akkas jechuun kaa'a . "Abduction is a process that a boy is acquiring a girl through the use of force by arranging some conditions and accompanied by his friends with out her own consent and the consent of her parents."

(Yeneenesh 2010) qorannoo ishee keessatti yeroo ibsitu; gurbaan dhiiraa yoo humna cidhaa ittiin qopheessatu kan dhabe yoo ta'e; kaan immoo seeraan kaadhimmatee fuudhuudhaaf jaarsoolii ergee yeroo gaafatutti tuffii garaa garaatiin kan didame yoo ta'e xiiqii qababachaan haala mijeeffatee; namoota isa gargaaran qopheeffatee; olla intalaattii keessaa immoo namoota odeeffannoo isaaf laatan (yeroo akkamii akka qoraan dhaqxu, yeroo akkamii akka gabaa deemtuufi kkf namootatti himan erga qopheeffateen booода intala buta jechuun haala buutiif karaa saaqan ibsitee jirti. Yaada kana deeggaruuf (Berhanu 1998) akkas jechuun ibsa "observations have been made in secret the groom's group are required to arra nge the time at which and the place where the could easily be abducted".

Erga kiyyoo ykn haala mijeessatanii gurbaan fuudhu akkuma intala bira ga"een marga kutee rifeensa isheerra kaa"uudhaan hiriyyoonni isaafi gurbaan baatanii gara fira aantee isaatti galchata.

Berhanu (1998:145) gadifageenyan yoo ibsu: Immediately, as they comeneer to the girl to the would be hasband cut the grass and puts on her to indicate to all members of his group whom he is going to marry and at the some time he is would be husband for her jechuun adeemsa butii ibseera.

> *There are some reasons for abduction. First, to save the expense of wedding teast by the groom due to economic problem. Second when the request of a boy i.e kadhaa marriage is refused by her parents. Thred when the groom teels that the girl is to be asked by some body else while he is not in a good position to marry her through formal process. (Berhanuu 1998:146)*

Akkaataa kanaan ka'umsa gurbaa butiif kakaase yookiin dirqisiisee bifa kanaan hubachiisa. Haalli gurbaa butiif dirqisiise yoo maatiin gurbaa harka qalleessa ta‟an baasii cidhaaf baasu yoo dhaban dirqisiisee humnaan fedhii intalaa malee hiriyaa isaa waliin buta.Sababni gara biraa gurbaa dirqisiisee butiitti galchu yoo karaa seera qabeessaan intala kadhatee, warri intalaa kennuufii didan butuu danda'a.

#### 2.3.2.5 Dhaala

Gosti fuudhaaf heerumaa kun gosa biroo irraa kan adda ta‟u; dubartii abbaammanaa irraa du‟e ykn dhiira haati manaa irraa duute karaa aadaan waldhaalu. (Yeneenesh 2010) yaada kana yoo ibsitu dubartiin abbaa manaa irraa du'e kan dhaalamtu obbooleessa abbaa manaasheetiin ykn fira isaatiin, akkasumas dhiirri haati manaa irraa duute kan dhaalamu obbooleettii haadha manaa isaatiin ykn fira isheetiin dhaalamti.

Walumaagalatti bu'urri duudhaa hawaasaa fooklooriidha waan ta'eef sirnoota hawaasaafi fookloorii ilaalchisee hayyootnii yaada adda adda kennu.

### 2.4. Dayeessota Fookloorii (Theories Of F.olklore)

Fooklooriin jaarraa 19ffaa eegalee dhiyaannaawwaniifi dayeessota garaagaraa irratti hundaayee qoratamaa akka tureef har`as qoratamaa akka jiru Salamoon (2007) ibseera.

Akkasumas maalummaa dayeessaa Mohaammed (2014) tti kanneen biroo Henderikasne (1970:1) yommuu ibsu "A coherent set of hypathetical conceptual and programmatic, principles framing the general frame work of reference for afleid of inguity" jedha.

Qorannoo addaa addaa keessatti faayidaa fi murteessummaa dayeessi qabu yommuu ibsamu "Theories are treated as the life blood of discipline….for every discipline theories can work as building blocks "jedhu Mary yad (1957; 164) dhugaan hiika kan argatuufi mirkanaa`uu kan danda`u bu`uura dayeessaan yoo qindaa`e ta`uu akkas jechuun lafa kaa`a. "Facts come to mean some thing only as certained and organized in the form of theorie jedha.

#### 2.4.1. Yaadiddama Faayideessummaa (Functional theory)

Yaadiddamni faayideessummaa gamtaa hawaasa tokkoo keessatti foolkilariiwwan gosti addaa addaa jiran garee hawaasa sanaaf bu`aa isaan buusaniifi maal akka mul`isan agarsiisuu irratti kan

xiyyeeffatudha. Akka yaadiddama kanaatti gosti foolkilaarii kamiyyuu faayidaa hawaasummaa, siyaasa ,Dinagdee, aadaa, xiinsammuu kennuudhaan fedhii gamtaa hawaasa sanaa guutuutu irraa eegama yaada jedhu qaba.

Yaadiddama faayideessummaa bu`uura godhachuun Boscom (1954) bu`aa foolkilaariin hawaasaaf qabu ittiin barsiisuudhaaf dhiibbaa wayii jalaa ittiin miliksuuf ,amala sirrii ittiin bocuufii aadaa hawaasichaa fudhatama argachiisuuf bu`aa akka qabu lafa kaa`a, Gama biraatiin faayidaan foolkilarii hawaasni walii galee akka jiraatuuf, rakkoolee hawaasummaa ittiin hiikuuf ,misoomaaf eenyummaa hawaasa saba tokkoo ittiin bocuufii mul`isuuf ,hawaasa ittiin dadammaksuuf dheebuuwwan afuuraa ittiin bahuuf akka fayyadu lafa kaa`a.


### 2.4.2. Yaadiddama Hiikaa (Interprative/Symbolic Theory)

Yaadiddamni hiikaa ykn ykn fakkoommiin akkaataan nuti ittiin fakkoommiiwwan waadaa tokko keessa jiran ittiin hubannuufi hiiknu irratti xiyyeeffata. Yaadiddooma hiikaa fakkoommiitiin hiika fakkoommiiwwan aadaa keessa jiran duubarraa ilaalee hiika itti kennuun ulfaachuu danda`a.Geertz(1973)fakkoommiiwwaniifi mallattoolee aadaafi amantii keessa jiran qorachuudhaan nama hangafaa yommuu ta`u aadaa fi amantiin mallattoodhaan dureeyyii akka ta`an ibsee jira. Geertz (1973) fakkoommiiwwan yeroo ibsu “ tangible formulation of nations obstractions from experience fixed in perceptible forms, concrete embodimentsof ideas, attitudes, judgments, belongs or beliefs” jedha.

Geertz (1973) hiika fakkoommiiwwanii kan kaaseef irra keessa jechuun iddoo lamatti baase. Kan jalqabaa hiika dhokataa fi gadi fagoo fakkoommiiwwanii qabu yommuu ta`u kan itti aanu hiika gubbaarraa dhaabbii mallatticharraa dubbifamu ykn hubatamu jechuudha.

Akka Turner (1967)ibsutti fakkoommiin qaama xiqqaa sirna hawaasa tokkoo ta`ee meeshaalee qabatamaa , gochoota garaagaraa, ta`iiwwan addaa addaa , miira fuulduraa muldhataniiti jedha.

Akka yaada hayyoota kana irraa qorattuun hubachuuf yaaltetti fakkoommiin beekumsaa nuti duraan sammuu keessaa qabnu meeshaalee qabatamaa, gochoota garaagaraafi yaadaa qabnu hiika waanta dhiyaate sanaa akka mul’isu agarsiisa.




Faakkii Danaa yaadrimee Geertz “Think description” ykn aadaan qola qabaachuu mul`isu.(Madda: Qorannoo Eebbisaa Jiraannee, Sirna Gumaa Oromoo Aanaa Midaa Qanyii irratti qorannoo hojjetame 2010)

Akka Geertz (1973) ibsutti “aadaan akkuma qullubbii qola qaba. Qola alaa, gidduufi keessaa, kan nuti duubaan raawwii namootaarraa ,haala uffannaarraa ,meeshaalee ijaan mul`atan irraafi calaqqee garaagaraarraa nutti mul`atan guutummaan guutuutti hiika (dhaamsa) itti dhaamamee jiru ifa gochuu dhiisuu danda`a.

Kanaafuu dhugaaa aadaa tokkoo keessa jiru bira gahuuf gadi siquun qola isaa irraa sassaaqanii ilaaluu gaafata. Tiley immoo Hoddiler (2004) keessatti “aadaan koodii waliigaltee hawaasaa ta`ee dhugaaf gochootni aadaa tokko keessa jiran daawwattootaaf hirmaattota sirna aadaa isaaniitti ni dubbata, jedha.

Hiikni fakkoommiiwwanii lubbu qabeeyyiifi lubbuu dhabeeyyii walitti hidhatanii jiran kallattii isaan ittiin qaacceffamaniifi hiika argatan addunyaa qabatamaa keessatti addunyaa

qabatamaarraa adda baafnee hiika mallattoolee kophaa dhaabnee xinxaaluun hindanda`amu. Akka yaada kanaatti qoodni qorataa tokkoo gocha daawwattootaafi hirmaattotaallee hiika isaanii barbaaduun barbaachisaadha.

Haaluma kanaan qorattuun qorannooshee keessatti yaadafi gochaalee odeefkennitoota walitti qindeessuun yaada hayyootaan deeggaruu haala barbaachisaa ta'een qaaccessuu yaalteetti.

### 2.5. Maalumma Fakkoommii

Fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu‟iinsa yaadaa dhimma tokkoon walitti hidhatuufi hiika argatu dha. Hiikni fakkoommiifi kan xinqooqaas garaagara ta‟uu hayyoonni ni ibsu.Yaaduma kana Katz (1972) yoo ibsu,

*Symbolism were aform of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbols (of agiven culture) constituted alanguage one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbol for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by adefinition. Katz J.J.(1972)*

Akkuma waraabbii olii kanarraa hubachuun danda‟amutti, fakkoommii hiika xinqooqarraa wanti adda godu akaakuu mallattoo qofaan ta‟ee, yoo mallattoon (aadaa tokko keessatti) afaan tokko bakka bu‟e, tooftadhaan mallatoo salphaa yookin walxaxaa muraasa haala galumsaan kanneen biroo hedduu bakka buusun ni danda‟ama. Todorov (1982) mallattoofi fakkoommii (sign&symbol) walqabsiisuun yoo ibsu,

> *The most widespread theory,extending from Plato to Saussure, locates the difference exclusively in motivation, which would be present in the one case and absent in the other;the signifier either resembles or does not resemble the signified; …furthermore, motivation may be more or less present, more or less lost to memory; that does not prevent asymbol from remaining asymbol. (Todorov 1982:17)*

Yaadni waraabbii kun akka mul‟isutti, Yaaxxinoonni bara Pilaatoo kaasee hanga Sausuritti jiru kaka‟umsa (motivation) isa yeroo tokko sababa wa‟iin jiraatu, yeroo biraa immoo sababoota biroon hafu osoo hindabalatin, mallattoon tokko fakkoommii isaa haala barameen bakka bu‟uu yookiin bakka bu‟uu dhiisuu danda‟a. Ittidabaluun, kaka‟umsi (motivation) tarii baayi‟atus

xiqqaatus jiraachuu yookin yaadannoo sammuu keessaa baduu dandaʿʿa. Kun garuu fakkoommiin akka fakkoommii taʿʿee itti hin fufne hin dhorku. Jechaafi fakkoommii (verbal&symbolic) ilaalchisuun ammas hayyuun kun yoo ibsu,

The knowledge we already have of verbal symbolism is incomparably richer than our knowledge of other forms of symbolism. The linguistic symbolism is the easiest to handle while at the same it is probably the most complex manifestation of symbolism. (Todorov1982:18).

Akka yaada hayyuu kanaatti, beekumsi nuti durumaan sammuudhaa qabnu fakkoommiin jechaa (verbal symbolism) haala dorgommii hin qabneen beekumsa nuti fakkoommii biraa irratti qabnu ni caala. Kanaafuu beekumsi fakkoommii xinqooqaa (linguistic symbolism) hubachuuf kanneen hunda caala ni salphata.

Fakkoommiin yaadawwan lama qabatee kan dhiyaatu dha. Innis mallattoofi hiika waan dhiyaate sanaati. Yaada kana Mortan (1975:15))yoo ibsu, "Symbol selects certain pairs (symbol, interpretation) among the set defined in the very structure of symbolism." Yaaadni waraabbii kun fakkoommiin cimdiiwwan muraasa filata: mallattoofi hiika mallattichaan walqabatu. Kanaafuu fakkoommiin akaakuu garaagaraa qaba jechuu dha. Gosoota fakkoommii kanneen keessaa muraasni armaan gaditti dhiyaataniiru.

### 2.5.1. Fakkoommii Mallattoon Argamu

Akka Solomon (2007:258) ibsetti mallattoowwan yaada tokkoofi isaa ol bakka buʿʿuudhaan hawaasa gidduutti waliigalteen akka uumamu godhu. Mallattoowwan kunniin beekamtii balʿʿinaan qabaachuu isaanirratti hundaa'uun iddoo lamatti qoodamu: kanneen akka addunyaatti beekkamaniifi kanneen akka hawaasa naannoo tokkootti beekaman. Mallattoowwan akka addunyaatti beekaman keessaa muraasani, fannoo (cross) kiristaana, gugee adii-nageenya, geengoo (circle) ciminaafi tokkummaatti fakkeeffamu. Mallattoowwan akka hawaasa naannotti beekaman immoo ,ullee dallaa (balbala) irratti fannisuun farsoon jiraachuu, baala warqee balbalarratti rarraasuun jimaan jiraachuufi kkf. Agarsiisau. Akka Solomon (2007;300) ibsetti, iddoowwan hawasni Oromoo itti walga'u keessaa tokko muka "Odaa" ti. Mukni Odaa baalli isaa yabbuu kan ta'eefi raammoon kan hin nyaanne, yeroo aduus taʿʿee, yeroo bokkaa, akkasumas, waldhabdee hiikuuf, walga'ii geggeessuuf, amantaa geggeessuuf, Sirna Gadaa geggeessuufi kkf. faayidaa guddaa qaba. Haala kanaan fakkoommii odaa yoo ilaalle, baayʿʿinni damee isaa

dagaagina sabichaa fakkeeffama. Jirmi isaa tokko; kun immoo hundeen uummatichaa tokko ta"uutti fakkeeffama.Waan kana ta'eef fakkoommiin kun akka uummatni Oromoo amanuttis ta'ee, akka sabni biroos fakkii muka odaa yoo arge kan uummata Oromoo ta"uu dhugaa ba'a. Kanaaf mukti Odaa uummata Oromootti fakkeeffama.

### 2.5.2. Fakkoommii Sochii Qaamaan Argaman

Sochiin qaamaa aadaa sabichaa irratti hundaa'uun akka mallattoowwaniitti tajaajilan ni jiru. Kunis fuula, haraka, quba, gateettii, miila, mataafi kkf. eyentaa yookiin hi'entaa agarsiisuu danda'a. Fakkeenyaaf, quba agarsiistuu namatti raasuun akeekkachiisa, mataa mirgaafi bitaatti raasuun diddaa, mataan gadijechuun kabajatti fakkeeffama. Kanamalees, harka olkaasanii bitaafi mirgatti raasuun nageenya agarsiisutti fakkeeffama.

### 2.5.3. Fakkoommii Abjuu

Fakkoommiin abjuu wantoota abjuun namatti dhufuunfi namoota kennaa addaa abjuu hiikuu irratti qabaniin xiinxalamee hiikichi fakkoommii tokko bakka bu'u dha. Yaada kana fakkaatu Freud (1963:150) "The contrast relation of this kind between adream element and its translations…as asymbolic one and the dream element it self as asymbolic of the unconscious dream thought." jechuun ibse. Haala kanaan fakkoommiin abjuu hariiroo wanta abjuun namatti mul'ateefi hiika akka fakkoommiitti ilaalamuuti. Wantoonni abjuun namatti dhufan mataa isaaniin waan osoo hinyaadiin ta'u dha. Fakkoommiin kun ammo haala wanti abjuudhaan namatti mul'ate sun hiikaa itti kennamu qaba. Fakkeenyaaf, akka aadaa Oromoo naannoo Calliyaatti abjuudhaan bishaan (garba) yoo seenan soorummaa (badhaadhinatti) fakkeeffama. Abjuudhaan kallacha yoo argatan immoo ilmoo akka argataniitti fakkeeffama. Fakkoommiin abjuu keessatti akkaataa aadaafi amantaa hawaasichaatti waan itti fakkoomu kan mataa isaa ni qaba. Kunis fakkoommiifi waan osoo itti hinyaadiin sammuu namaatti dhufu (symbol and unconscious) wajjin walqabata. Haala kanaan fakkoommiin abjuu aadaafi amantaa hawaasa tokkoo irratti hundaa'uun bifa adda addaatiin hiika argata.

## 2.6. Sirnoota Hawaasaa(Rituals)

Qo`annoon sirna hawaasaa xiyyeeffannoo hayyoota dirree qorannoo addaa addaa:-xiinsammuu,xiinmaddaa,xiinhawaasaafi fookilooristoota addaa addaa akka ta`e Bee.(1992) ni ibsiti. Sirni hawaasaa gooroowwan fookilaarii duudhaa hawaasaa keessaa tokko ta`e irra deddeebiidhaan kan dhiyaatuu fi raawwatamu barsiifata hawaasaati. Sirna hawaasaa keessatti fooklaariin gosa baay`ee bakka tokkotti arganna. Kan afaaniin darbu faarfannaa, walaloo, yeedaloo, sirba kan sochii qaamaan mul`atu, ragaduu, asiifi achi deemuu , jilbeeffachuu ,nyaara guuruu fa`i.

Meeshaalee qabatamaa mi`oota aadaa ,uffata aadaa ,nyaata aadaa fa'i. Simsfi Stephen(1963). Sirni hawaasaa duudhaafi sona hawaasaa akkasumas eenyummaa hawaasa tokkoo baasee mul`isuuf humna qaba.(Bee 1992).

"Rituals is a stereotyped sequence of activities involving gestures words and objects . performed in asequence fired place and designed to influence preter- natural entities or forces onbehalf of the astors ,goals and interests" jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti sirna hawaasaa qorachuun waa`ee hawaasichaa beekuuf akka nama gargaarudha. Hawaasni tokko amantiifi aadaa isaa irratti hundaa`uun sirnoota garaagaraa raawwata. Akkasumas sirni karaa hawaasni tokko aadaafi amantiisaa , duudhaafi eenyummaasaa ,ittiin ibsatu keessaa tokko,ta`ee akka yaakinootni sirna hawaasaa jedhutti sirni hawaasaa yoo xinnaate gochaalee guyyuu guyyuurraa waan tokkoon, gochaan ykn kaayyoo dhaan adda ta`uutu argama.(Spencer,2002)

Sirnootni hawaasaa sirna sadarkaa addaa addaatti kallattii addaa addaan ,haala addaa addaa keessatti waan hojjiirra ooluuf hiika isaa jecha tokkoon lafa kaa`uun ulfaataadha.(Simsfi Stephen ,1963). Sirni sadarkaa maatii ykn hawaasaatti kabajamuu danda`a. Akkasumas gochaalee garaagaraa irra deddeebiidhaan tartiibasaa eeggatee yoomessaa murtaa`aa keessatti kan raawwatu ,jalqabaaf xumura kan qabu gochaafi rakkoo lammiiwwanii garaagaraa kan of keessatti haammataa akka ta`e Sems fi Stephen (1963) oo ibsan. "Retuals are performance s that are repeated ,patterned and frequently include ceremonial actions that incorporate symbols ,action repetition and perhaps most significant to our being able to recognize retuals ,They have aframe that indicates when the ritual begins and ends" jedhu.

Akka aadaafi amantii uummata Oromoottis sirnoota garaagaraatu jiru. Fakkeenyaaf sirna Gadaa ,sirna waaqeffannaa ,sirna irreeffannaa,sirna fuudhaafi heerumaa ,sirna ateetee ,sirna buttaa qaluu,sirna haammachiisaa,sirna faacha ajjeesuufi faacha dhaabuu k.k.f isaan muraasa. Isaan kunniinis akka qoodinsa Dorsonitti gooroowssswan fookilaarii keessaa duudhaa hawaasaa jalatti kan ramadaman yommuu ta`u, hawaasichi adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti mudannoodhaan gabbifatee eenyummaasaa kan ittiin calaqqisiisudha.

### 2.6.1. Sirna Gadaa

Gadaan galaana guddaa aadaafi duudhaa Oromoo keessatti kan mul`atu daawwitii calaqqee eenyummaa Oromooti. Sirni Gadaa sirna hunda galeessa jiruufi jireenya uummata Oromoo kallattii maraan kan sakatta`uu fi ibsudha. Asaffaan(1993:20) yommuu ibsu " The liada as a political ,economical, social and religious institution, was the pillater of oromo culture and civilization " jedha. Asmarom(1973) immoo "The loada system is asystem of generation classes that succeed each other every eight years inassuming, political, military, judicial,legislative and retual respionsibles. It one those remarkable creations of the human mind " jechuun maalummaa gadaa ibsu.

Akka wabii kanarraa hubatamutti gadaan bu`aa kalaqa sammuu isa olaanaa keessaa isa tokko ta`ee sirna dhalootaa sadarkaadhaan qoqqoodee daddabarsuun dhimmoota hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, aadaafi duudhaa amantii akkasumas dhimmoota hariiroo hawaasaa mara kan ilaallatu jaarmiyaa hunda galeessa ta`uu agarssisa kan mul'isuufi sirna fuudhaafi heerumaa keessattis shoora olaanaa kan qabudha.

## 2.7. Barruuwwan Walfakkii

Qaaccessi qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo Aanaa Calliyaa kallattiin yoo jiraachuu baatuyyuu sirna fuudhaafi heerumaa irratti qorannoo gaggeeffaman jiru. Haaluma kanaan qorattuun kun waraqaa qorannoo garagaraa kanaan dura hojjeetaman sakatta'uudhaan ibsuuf yaalteetti. Darajjee Baqaanaa(2015)digirii lammaffaa guuttachuuf mataduree "Qaaccesa sirna fuudhaafi heruma eeboo hirkfachaa aadaa Oromoo Gujii Aanaa Gooree gaggeessee keessatti adeemsa sirna fuudhaafi heerumaa akkata abiyyee isaaaniitiin qaaccessuuf yaaleera. Akkasumas waraqaa qorannoo qaaccessa weedduu arrabsoo fuudhaafi heeruma Godhina Shawaa Dhihaa aanaa Amboo irratti kan xiyyeeffatu

Seefuu Guddataa (2016)  waaqaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf hojjeteera. Kana malees, Shumee Daamxee (2015) firiiwwan afoolaa fuudhaafi heerumaa keessaa qabyyee arrabsoo naqatanii heerumuufi fuudhuu aanaa Amuruu qofarratti xiyyeeffata. Yeneenesh Saamu"eel(2010)Mata dure "Qaaccessa sirba fuudhaafi heeruma Oromoo Wallaggaa bahaa aanaa Giddaa qaaccessiteetti. Qorannookoorraa kan adda taasisuu intala dubbatanii hanga heerumaatti adeemsa jiru yoo ta'u adeemsa fuudhaafi heeruma sabbatmarii keessatti qabiyeewwanfi  yoomeessa isaanii ibsuuf yaaleera.

Qorannoon kunimmoo qaaccessa qabiyyeewwanii, afoolawwaniifi fakkoommii fuudhaafi heeruma sabbatmarii godina Shawaa Dhihaa Aanaa Calliyaa iratti kan xiyyeeffatedha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

# MALAAFI SAXAXAA QORANNOO

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qoranno mata duree filachuurraa kaasee hanga gabaasa bu'aa qorannootti adeemsa qorannoon tokko keessa darbee itti qindaa'uufi qaacceffamu kallatti kan agarsiisudha. Haaluma kanaan qorannoon kun qaacceessa qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo Aanaa Calliyaarraatti kan xiyyeeffate yemmuu ta'uu boqonnaa adda addaatti qoqqoodamuun dhiyaateera. Malli qorannoo hojiirra oole qoraannoo akkamtaa ibsaa yemmuu ta'uu meeshaalee funaansa odeeffannoo itti walitti qabamaan sakatta'a barruu, af-gaaffifi marii garee xiyyeeffataadha. Odeffannoowwaan madda garagaraa bifa garagaraatiin haala kanaan walitti qabamaan dayeessotaa jiraniin wal simsiisuudhaan qooqqoodamanii bal'inaanfi gadi fageenyaan ibsamaniiru.

## 3.2. Mala Qorannoo

Malli qorannoo kallatti irra deemnee qorannicha galmaan geenyu bakkatti dhiyeessinuufi dayeessa irratti bu'uurree qorannicha adeemsifnu, Akkasumas tooftaa maaliin akka odeeffannoo walitti qabnu bakkatti ibsinudha. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun dayeessa ijaarsaa(constactivist theory) hiikaa (interpretive theory)fi faayieessummaa (funitional theory) irratti bu'uruun mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun kan adeemsifamedha. Akka daayeessa ijaaarsaatti dhugaa qabbataamaa osoo hintaane haala qabatamaafi aadaa hawaasichaaratti bu'uruun bakka bakkatti , aadaadhaa aadaatti adda baatee qaba. Akka Clifford Geertz (1973) jedhutti duudhaa hawaasa kamiyyuu keessatti waan hawaasichi irratti waliigalee amanatutu dhugaadha sirridhas. Dhugaan isa hawwasichi dhugeeffatu; ittin of ibsu ;kan kooti jedhee amanee fudhatuudha. Dhugaa akkasiirra qaqqabuuf kallattidhaan odeeffanno funaanuufi ofeeggannoodhaan hiikuu barbaachisadha. irratti Gosoota akkamtaa garagaraa keessaammoo mala qorannoo sanyabsaa hundaa'uun gaggeeffama. .Sababiinsaa akkaataa hawwaasni tokko naannoosaafi addunyaa kana itti ilaaluufi hiikkatu akkasuumaas ilaalcha waligalaa hawaasichi addunyaa kanarratti qabuu gadifageenyaanfi bal'inaan hubachuuf dirree qorannoo sana keessa oolanii buluun ykn keessa jiraachuun, dhimmaa qorachaa jirru sana gadifageenyaan xinxallee

kallattii qor-qalbiifi xinsammuu murna qorannoon irratti gaggeeffamu (jamaa) sanaan hiika itti kennuuf mala sanyabsaatti dhimma bahuun dandii filatamaadha .

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo jamaa adda bahan keessa kan odeeffannoo kennuun dhimma qorannoo keessatti qooda fudhatani. Madda odeeffaannoo kan murteessuummoo dhimma qoratamuudha. Maddi odeeffannoo qorannoo kana madda ragaa 1ffaafi 2ffaatti dhimma bahuun gaggeeffameera. Kunis, namoota sabbatmariin heerunanii fuudhan waan hin arganneef, akka madda raga tokkoffaatti jamaa adda bahaan keessaa jaarsolii wa'ee sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii beekan, abbootii gadaa, haadhoolii, namoota fuudhaafi heeruma sabbatmarii keessatti hirmaatan akkasumas ogeeyyii waajira Aadaafi Turizimii Aanaa Calliyaa dhimma aadaa hawaasatti dhiyeenya qaban af-gaaffii gamisaa dhiyeessuniifi marii garee xiyyeefataadhaan kan walitti qabamedha. Akka mada raga lammaffatti immoo barruuwwaan, joornaalota, kitaabileefi qorannoo garagaraa mata duree kanaan hidhata qabaniifi walsimaan sakkata'amaniiru.

### 3.4. Irraawwaatama Qoranniichaa

Irraawwatamaan jamaa (hawaasa) dhimmi isaanii qoratamuufi qama bu'aan qorannichaa irratti dalaguudha. Haaluma kanaan qorannoon kun duudhaa hawaasa Aanaa Calliyaa keessaa 'qaacceessaa qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii sirna fuuhaafi heeruma sabbatmarii irratti kan adeemsifame yemmuu ta'u; odeeffannoon dhimma kanaas hawaasicharra funaanameera. Bu'aan qorannoo kanas aadaa, duudhaa, sonafi ilaalcha akkasumas falaasama uumata aanaa Calliyaa akka bakka bu'utti fudhatame. Kanaafuu jamaan qorannichaa hawaasa Aanaa Calliyaa gandoota digidamii sadii jiran keessaa kudhan fudhachuun osoo saalaan, umriin, sadarkaa barnootaa, adda hinbaasiin kan haammateedha.

### 3.5. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

- Qorannoon dhimma aadaa hawaasaatiin walqabatuu lakkoofsaan, chaartiidhaan ykn giraafiin ibsuu waan rakkisuuf qorattaan iddatteessuu miti carratti fayyadamuun jechaan ibsuuf ni dirqamna. Gosoota iddatteessuu miti caarraa keessammoo dhimma fuudhaafi heeruma sabbatmariirratti jamaan hundi waliqixa hubannoo waan hin qabneef namoota

dhimma kanarratti hubannoo qaban akeekkattee filachuufi kutaa hawaasa biroora namoota dhimmicharatti hubannoo qaban hiyyaafachuun odeeffannoo kun fudhatame. Kanaaf malleen iddatteessuu jiran keessa qorannoon kun mala iddatteessuu akkayyoo (purposive) fi darbaadabarsaa (snowball) tti dhimma bahuun kan adeemsifamedha.

### 3.5.1. Mala Iddatteessuu Akkayyoo

Akkuma olitti ibsame qorannoo kun dhimma aadaa hawaasaratti xiyyeffata .Kaanaaf immoo malli mijataan qorannoo akkamtaadha. Yeroo qorannoo akkamtaa gaggeessinuutti dhimma bilchinaafi gabbina yaadaa malee dhimmii bakka bu'ummaa raga nuyaaddeessuu akka hin qabne (Zoltan, 2007:113) akkanatti ibsa:

> *Qualitative inquiry is not concerned with how representative the respondent sample is or how the expriance is distributed in the population .Instead, the main goal of sampling is to find individual who can provide rich and varied insights into the phenomenon under investigation so as to maximize what we can learn.this goal is best achieved by means of some sort of 'purposeful'or 'Purposive'sampling.(Zoltan,2007:113)jedha.*

Akkuma warabbii kanarra hubatamuu odeeffaannoo quubsaa ,bal'inafi gadifageenya qabuu dhimma qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommiwwaan sirnaa fuudhaafi heeruma sabbatmarrii argachuuf namoota aadaa, dudhaa,sonafi safuu sirna kana keessa jiru sirritti qulqulleessanii beeku jedhamani yaadaaman abbootii gadaa, abbooti amantii, haadhoolii siiqqeefi jaarsoolii dhimma fuudhaafi heeruma sabbatmariirratti muxannoo dheeraafi gabbataa qaban jama keessa namoota jaatama(60) Dhi 40 Dha 20 Wal. 60 fudhachuun itti yaadamee filachuudhaan qorannoon kun adeemsifamera.Akkasumas, jaarsolii keessaa namootni muraasni gochaan mul'isuun (artificial setting) akka agarsiisan taasisuun odeeffannoo qaacceffameera.

### 3.5.2. Mala Iddatteessuu Darbaa Dabaarsaa (Snowball)

Tooftaan iddatteessuu kun qoratuun duraan durstee namoota odeeffannoo kennaan mala iddatteessuu akkayyoon muraasa erga adda baafatee booda; isaanirra mala darbaa dabarsaan tokkorraa tokko hiyyaafachaa odeeffannoo kan walitti qabamu yemmuu ta'u qorattuun kuniis

qaamoota odeeffaannoo isheef kennaan hundasaanii waan hinarganneef mala kanatti dhimma batee jirti.

### 3.6. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo keessatti gosa meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaannu kan murteessu akaakuu qorannichaati. Qorannoon akkamtaa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga'uuf mala funaansa ragaa addaddaatti gargaaramuu danda'a. Fakkeenyaaf, qorattuun yaadannoo qabachuun, kaameraafi viidi'oon waraabameefi kkf fayyadamee odeeffannoo funaannachuu nidanda'a.Yaada kana akka Solomon (2004)fi Goldstein (1964) ibsanitti, qorannoon akkanaa afgaaffii, ragaalee barreeffama addaddaa sakatta'uufi marii gareetiin raga funaanuun qorannoo geggeessuun nidanda'ama. Qorattuun qorannoo qulqulleeffataa fayyadamus haala addaddaatiin waan ilaalamuuf malawwan ragaaleen ittiin funaanaman muraasatti dhimma ba'uu danda'eera.Bara qorannoo kun itti gaggeeffame keessatti namootni sabbatmarii walfuudhan waan hinargamneef daawwannan hingaggeeffamne. Haaluma kanaan qorattuun odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaa af-gaaffii, marii gareefi sakatta'a barruun funaanamaniin qaaccefamaniiru.

### 3.6.1. Af Gaaffii

Meeshaalee odeeffaannoon akkamtaa ittin funanamuu keessa inni tokkofi ijoon af-gaaffiin dha. (Zolten, 2007). Dhimma kana (Cohen.L, et al, 2007) yeroo ibsu "The interview is a flexible tool for data collection, enabling multi-sensory channels to be used: verbal, non-verbal, spoken and heard" jedhu. Malli kunis mala qorattuun odeef-kennitoota waliin fuulaafi fuulatti walarguun odeeffannoo qorannoo isheetiif barbaaddu afaaniin gaafachuun funaannattedha. Fuudhaafi heerumni sabbatmarii hojii guyyaa guyyaa miti. Namni hundiis hinhirmaatu .Kanaaf qamoolee hawaasaa dhimma kanarratti hubannoofi muxannoo qabu jedhaamanii adda bahan namoota digdamii jaha (26) keessaa jaarsolii digdama (20), haadholii afur(4), abbootii gadaa lama(2) irraa af-gaaffiigamisaan qindaawaa (Semi-Structured Interview) kudha lama(12) qopheeffachuun osoo hin dangeessiin yaadasanii akka hinqusanne kakaasaa (probing) , haalarratti hundaa'ees gaaffii kaasuun odoeeffannoon barbaachisu walitti qabameera..

### 3.6.2. Marii Garee Xiyyeeffataa (MGX)

Qorannoo adeemsifamu tokko keessatti mariin garee meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanaman keessaa isa tokko. Marii garee keessatti akkaataa yaadni burquu danda'uun gaaffilee gamisaan caaseffamaa adda addaa dhiheessuun haaluma salphaan akka irratti mari'ataniif karaa mijataa uuma. Yaadota harca'anillee karaalee ittiin ifa gochuun hubachiisuu danda'amuudha. Mariin garee yaada namni tokko osoo hinibsin bira tare inni biroo yaadaachiisuun karaa yaada tokko guutuu ittiin taasisaniidha. Walgargaaranii kan inni tokko dagate inni biroo yaadachuun akka falli barbaachisaa ta'e argamu haala mijeessa.

Haaluma kanaan qorattuun gaaffilee gamisaan caaseffamaa qopheeffachuun jarsoolii fuudhaafi heeruma sabbatmarii bakka adda addaa irratti hirmaaaniifi quba qaban namoota digidama (34) keessaa dhi 28 dhu 6 karaa Waajjira Aadaafii Turizimii walitti qabachuun garee afuritti qoduun marii waliin gaggeessee odeeffannoo walitti qabattee qaaccesiteetti.

### 3.6.3. Sakkatta'a Galmee.

Toftaa qorataan ragaa funaanuuf fayyadame tokko sakattaa'a galmeeti. Ragaan dabalataa qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommiirraatti barreffamaniifi adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti toofta qorannoon fudhatamaafi dhugummaa qorannookootii mirkaneeffachuuf gaazexaalee, barruulee, waraqaa ragaafi barreeffamoota WAT aanaa irraa hiikan kan odeefkennitootaan walbira qabuun itti gargaaramera. Dabalataan wantoota mata duree kanaan walqabatanii barreeffamee kaa'ame dubbisuun ittin deeggaradheera. Galmee bifa yaadannoo fudhachuufi qorannoolee hojjetaman sakatta'uun qabiyyeewwan, afoolawwaniifi mallattoon itti hiikaman odeeffannoon madda raga lammaffaa irraa fudhatameera.

## 3.7. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Qorannoon kun kan adeemsifamee dame fookiloorii keessaa gosa duudhaa hawaasaarratti. Fookiloorii immoo kallattii tokko qofaan kan qaacceffamuu akka hin taane Simsfi Stephens (2005,174) akkanatti ibsanii jiru "Many theoretical and analatical frame work exist to interprate folklore" jedhu.Kanaaf dayeessaa mataduree kanaa waliin deeman irratti hundaa'uun kallattii qorqalbii ,xinsammuufi dhugeeffaannaa hawaasichaan of eeggannoofi xiyyeeffannoodhaan qacceessuun barbaachisaadha.

Kanaafuu odeeffannoo bifa garagraa kallattii garagaraanaa af-gaaffiidhaan, marii gareefi sakkatta'a barruun madden adda addaarra dhimmaa raawwii sirna sabbatmariifi qabiyyee afoolaa hiika mallattoolee sirnichaarratti walitti qabaman mala akkamtaatti gargaaramuun qaacceeffamera. Odeeffannoon funaanaman akkataa walfakkeenya isaaniitiin qiqiindaa'anii bakka adda addaatti qoqqoodamuun ibsamamiinii jiru. Odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffiirraa qabsiisa gabaabaa fudhataman barreeffamaatti jijjiiramaniiru. Dabalataan kanneen marii garee xiyyeeffataan argaman xinxalamuun akkaataa wal fakkeenya isaaniitiin erga walitti qabamanii booda hundi isaanii jechaan qaacceffamaniiru. Walumaa galatti, malli qaaccessa ragaalee qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame mala qaaccessa akkamtaata ibsaa ta'e; odeffannoowwaan madda garagaraa bifa garagaran walitti qabaman dayeessotaa jiraniin wal simsiisuudhaan ibsi bal'aa itti kenname jira.

### 3.8. Naamusa Ogummaa

Odeeffaannoo quubsaa argachuuf qorannoo bifa kamiyyuu keessatti akkaataatti jamaa/ qooda fudhattoota keenyatti dhiyaannu murteessaadha. Qorannoon kun kan irratti gaggeeffame dhimma jireenyaanwalqabatufi safuu gudda ofkeessa qabudha. Qorattuun aadaa keessatti dhalattee guddate irratti qorannoo waan gaggeessiteef irraa jalaafi safuu hawaasichaa eegdee od-kennitootasatti dhiyaachuun odeeffannoo fudhachuudhaaf hindanqamne. kanaafuu odeeffannoon barbaadu argachuuf sona safuu hawaasaa eeguun cinatti jalqabarratti qorataan eenyummaa ofii beeksisuu, kaayyoon deemamuuf ifa gochuu, odeeffannoos ta'ee suraasaanii fudhachuuf akkasumasakkaataa raawwii sirnichaa waraabuuf qorannoo kana keessatti eeyyamsiisuu qofaa kan raawwatamedha. Gama biraan qorannoon kun qorannoo akkamtaa waan ta'eef eeyyummaa madda odeeffannoo ifa gochuun bu'aa qaba. Kanarratti dursee qooda fudhattoota wajjin walii galuun qorannichi kan itti fufedha. Dhumaratti iciitii eeguun namuusa qorannoo isa ijoo waan ta'eef xiyyaffannoo itti kennamee qorannoon kun adeemsifameera

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEFFANNOO

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoo gaaffilee bu`uura boqonnaa tokko keessatti ka`aniif deebii argachuufi kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaalee odeef-kennitootarraa afgaaffiifi marii gareedhaan akkasuma odeefkennitootni gochaan mul'isan funaanaman walduraa duuba mala akkamtaa gargaaramuun qaacceffamaniiru. Odeeffannoo funaanamanis duraa duuba isaanii eeguun akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

## 4.1. Adeemsa Sirna Fuudhaafi Heeruma Sabbatmarii Aanaa Calliyaa

Sirni fuudhaafi heerma sbbatmarii aanaa kana akkuma gosoota fuudhaafi heerma biroo adeemsa mataasaa qaba. Haaluma kanaan gurbaan warraan mari`atee intala jaalate tokko osoo namni biraa hinbeekiin haala mijeessuun maatii intalaaf gaaffii tasaa kan dhiyeessanidha. Haalli kun warra gurbaafi gurbaadhaan kan itti yaadamee ta'e jedhamee kan koroorffame ta'ullee maatii intala heerumtuufi intalaaf tasadha.

Akka odeefkannitootni qorattuuf ibsanitti, namootni sabbatmariin fuudhuuf dirqamanis namoota muraasaaf rakkinni tasaa isaan mudatedha. Kunis tokko nama haati manaa jalaa duute, kadhatee fuudhuuf warri intalaa nadiduu danda`u jedhee sodaatu, lammaffaan nama duraan kadhate waan cidhaaf barbaachisu hunda qopheeffatee yeroo fuudhaaf deemu warra intalaa wajjin sababa gabbaraafi kennaa tokko tokkoof walitti bu`insi cimaan yoo uumame abbaan gurbaafi jaarsoliin akkasumas hamaamotni yoo walitti bu`an gara biraa deemuun sabbatmariin fuudhu. Kan biroo intala namni tokko kaadhimmate kan biroo butuuf yaala jirayoo ta`e warri gurbaafi gurbaan dhagahanii sirna kanaan fuudhuuf murteessu.  Akkasumas warri gurbaa harka qalleeyyii yoo ta`an warri intalaa sababa kanaaf nutuffatu, nudidu jedhanii yoo yaadan ilma isaanii sabbatmariin fuusisu.dha.

Haaluma kanaan karaa warra gurbaa haala mijeessuun namoota gurguddoo ta`aniin meshaaleefi wantoota garaagaraa qabachuun qe`ee warra intalaa kan dhaqamu yoo ta'u, Kanneen keessaa kallacha, halangaa, irreessa (ulmaayii, naffuree) Farda luugamamefi k.k.k f fuudhanii otoo lafti hinbari`iin (sabii) xiiqeffatanii sabbata marachuun warra intalaa dhaquun karra warra intalaa taa`u. Haaluma kanaan Yeneenesh ((2002) ibsittutti, subii (osoo lafti hinbari'iin) halangaafi

ulumaayii fudhatanii dhaquun waarra intalaa taa'uun kadhatu. Kanaafuu yaaduma kanaan walqabatee adeemsi kun akka raawwatamu odeefkennitoonis niibsu.

Sababni isaas duudhaafi safuu waan ta`eef warri intalaa akka warra gurbaa hindidneef wantoota hawaasa keessatti hooda ta`an (sodaachisaa ta`an)fi kabaja guddaa qaban qabatanii deemu. Akkasumas nama qaama hir`uu ,qurcii, jaamaa, ooluufi k.k.k fuudhanii dhaquun kadhatu.

Gosoota fuudhaafi heerumaa biroo irraa sabbatmarii kan adda isa godhu intala fuudhaaf kadhatamtu hindhoowwatan (Yeneenesh 2010). Akka odeef-kennitootni qorattuuf ibsanitti, tarii maatiin intalaa tokko tokko seera kana cabsuudhaan diduu danda`u.Yoo didan namootni kadhaa dhufan hundinuu ishee abaaranii galu jechuun ibsu. Intalli haala kanaan abaaramtee immoo namootni biraa ishee fuudhuu nisodaatu, hooda qaba, duudhaan nikabajama jedhu. Haaluma kana sodaachuudhaan maatiin intalaa abbaa warraa sabbatmariidhaan dhufe hindidani. Haalli dhufaatii warra gurbaa rakkisaa ta`ee, warri intalaa didduf yeroon itti dirqamanni jira.Yeneenesh(2010) yoo ibsitu tarii warri intala tokkoo seera kana cabsuu kan danda'u jechuun ibsiti. Fakeenyaaf, warri gurbaafi warrii intalaa yoo fira ta`an, intalli nama biraaf kaadhimamteetti yoo ta`e qofa ta`uu danda`a.

Kanaafuu warri gurbaa akka hinabaarre kallachatti muuda muudanii korma itti qaluun nu ofkalchaa jechuun sababa isaa itti himuun furii kadhatu. Adeemsa fuudhaafi heerumaa kana keessatti gahee guddaa kan taphatu warra gurbaati. Bu`uuruma kanaan irraa intala warra kamii akka barbaadan erga waliin mari`atanii murteessanii booda bakka biraa akkuma duraaniitti: guula, kallacha,abbaa gadaa, farda luugamaan, sabbata marachuun, miinjeefi waayilagurbaaf kadhachuun osoo warri intalaa quba hinqabaatiin deemuun tasa dhaquun barii hirresa suuqqatu. Kan suuqqatanis karratti yoodanddaa'an immoo balbalatti suuqma.Yeroo lafti bari`ee warri intalaa jaarsoliifi namoota sabbatmariif dhaqan argan warri gurbaa kun akkas jechuun kadhachuu eegalu.

"Faajjiin bahe hindeebi`u" jedhu, intala keessan ilma keenya abaluuf nuu kennaa jedhu.

Abbaan intalaammoo akkas jedha, "Narraa galaa firakoonan mari`adha" jedha. Isaanis mikiin nuuf kenneera, abjuunis nuuf kenneera" jedhu. Haaluma kanaan akka odeefkennitoonni qorattuuf gochaa agarsiisuun yaadaan ibsanitti deddeebisanii yaada kana fakkaatu osoo waliif kennanii yoo haalli maatii intalaa cimee mul`ate caaccuufi kallachi amantii irratti kabaja waan qabuuf ittiin

walmaganu. Kanumaan abbaan intalaa tole jechuu barbaadee yoo garaa laafe “miila maal deemtuu” jedha. Warri gurbaa abbaa naaf ta`aa ilman isiniif taana`”jechuun yeroo afur irra deddeebi`uun yaadaan walitti dhufuu jalqabu. Haaluma kanaan jaarsolii warra gurbaa keessaa namoota yaadaa bilchaataa ta’an muraasa gara maatii intalaatti siiqanii marii eegalu. Walii galtee irra yoo gahanis marga (hirreesa kaawwachuun beellama kawwachuun galu. Suurrii armaam gadiis yaadaan walitti dhufuu isaanii sadarkaa lamaan agarsiisuuf yaalameera. Suura tokkoffaarratti, akka abbaa intalaatti Obbo Dheeressaa Qalbeessaa isaan karrarra dhaabatan jaarsolii (Obbo Tasfaayee Deeressaa, Obbo Dhibbaa Darrasaafi Obbo Leellisaa Qaqqabaa) walii haala walii dubbii isaanii mulisu agarsiifameera. Suurrii inni sadarkaa lammaffaarra jiru yaadaa walitti dhufaa jiraachuu maatii warra gurbaafi intalaa kan mul’isudha.







Suura halaa gafannaa (dhaabbannaa) sabat-marii aanaa Calliyaa mul’isu (Madda: Gaafa 02/07/2011 qarattuun kaaste)

### 4.2. Qabiyyeewwan (Waantoota) Adeemsa Fuudhaafi Heerumaa Sabbatmarii Keessaa

Akkuma gosoota fuudhaafi heeruma biroo adeemsa sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii keessattis qaboyyeewwan gosoota garaagaraatu raawwiisaa keessatti mul`atu. Isaanis Safuu duudhaa, amantii, eebba, weedduufi gochaalee adda addaa sirnicha keessatti raawwatanidha. Akkasumas meeshaaleen aadaafi duudhaa hawaasichaa mul'isanis hedduudha.

Waantotni aadaa, akaakuu duudhaa hawaasaa keessaa tokko ta`anii wantoota ijaan argaman harkaan qaqqabataman arrabaanis dhamdhamamaniifi waantoota qabatamaan taa`an ofkeessatti haammata. Akkasumaas wantootni aadaa falaasama hawaasa tokkoo,seenaa, amantaa,aadaafi k.k.f dhalootaa dhalootatti daddabarfamanidha. Fakkeenyaf Ogummaa hawaasicha aadaa meeshaa tolchuufi itti fayyadamuu irratti qabu karaa alidilee daawwachuufi hojjechuun dhalootaaf kan darbudha.

Walumaagalattii akka qorattuun yaada kanarraa hubattetti, meeshaalee waantootni sirna kanaaf barbaachisan kallacha, halangaa, baala ulmaayii, farda luugamaan baala waddeessaa, hin`ee, kalaalaa, marga coqorsa, Caaccuu, calleefi waddeessa abbaa gadaa faatu sirna kana keessatti barbaachisa.

#### 4.2.1. Wantootta yeroo kadhannaa fuudhaafi heeruma sabbatmariitiif barbaachisan

##### 4.2.1.1. Kallacha

Odeefkennitoonni qorattuudhaaf akka ibsanitti, kallachi waaqa (samiirraa) bu`a. Innis nama hundatti hinmul`atu. Akka aadaa uummata aanaa kanaatti kallachi nama qulqulluutti mul`ata waan ta`eef qulqulluutu argata. Yeroo bu`u lafa keessa gadi lixa, tureetus mul`ata. Gaafa argamu kallachi hunduummoo boca wal fakkaatu hinqabu. Kaan boca amoolee, boca muchaa kan qabu, duqunquluu ta`ee kan bahu jira. Yommuu sana namni qulqulluun arge sun harka qullaa itti hindeemu, aannan ayeetuu qabatee lafa kallachi itti argame dhaquun aannanicha itti qicee dhadhaa lafichatti muudee, gaabiidhaan maree fudhatee gara manaatti gala.

Akka odeef-kennitoonni ibsanitti dur kallacha shantu waaqarraa bu`e jedhamee dubbatama. Akka yaada isaaniirraa hubatamutti kallachi walaabuutti dhalate jedhu. Walaabu jechuun madda walaabuu bakka hundeeffama sirna gadaafi uummata Oromooti. Yaada kanarraa kan hubatamu kallachi duruma uummata Oromoo wajjin kan ture ta`uu isaati. Tokkoon tokkoon kallachaa

kunis odaawwan shanan Oromootiif abbootii gadaatiin raabsamanii jiru. Kanaafuu akka amantiifi aadaa hawaasa kanaatti kallacha namni hundi hin kaawwatu yoo abbaa gadaa ta'e malee, suuras hinka'u jechuun odibsitiitni qorattuuf himaniiru. Haaluma kanaan suura abbaa gadaa qorannoo Hayuluu Hundee ( 2016) rraa fudhachuun qorannookoo deeggaradheera.

Akka aadaa uummata Oromootti kallachi waaqaa gaditti, namaa olitti sodaatama, kabajamas. Fakkeenyaaf dubartiin laguu qabdu bakka kallachi jirutti hindhiyaattu. Dubartiin kallachaan fuudhamtemmoo kabaja qabdi. Kanaafuu sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii fuudhamte saba Oromoo keessatti kabaja guddaa argatti. Akkasumas dubartiin kallachaan fuudhamte hinhiyyoomtu jedhamee amanama jedhu odibsitootni.

#### 4.2.1.2. Halangaa

Akka hawaasa Oromoo aanaa Calliyaatti halangaan gosa lamatu jira. Innis tokko isa abbootiin gadaa guyyaa kallachaa shan odaawwan shananiif halangaa jaha qabatanii dhaqu. Yoo ta`u inni lammaffaan halangaa jaha keessaa tokko abbaa gadaa hangafa eebbisiifatanii akka kallachaatti kan ilaalamu abbootiin gadaa fudhatanii kan galan jechuudha.

Kana malees halangaan inni abbaa gadaa hangafaan eebbifame bakka kallachaa bu`e immoo abbaa gadaatiin qabatamee sabbatamarii kadhachuuf ittiin deemamudha. Halangaa kanneen biraa irraa waanti adda godhu bakka kallachi hinjirreetti illee akka kallachaattii tajaajiluu isaati. Odibsitootarraa akka qorattuun hubattetti halangaan gaafa sabbatmarii kadhachuu deeman abbaan gadaa halangaa kana akka kallachaatti dhimma itti baha.Sababni isaas diaa naasha jechuutti waan fakkeefamufidha.

#### 4.2.1.3. Baala Ulmaayii (Naaffuree)

Ulmaayiin gosa biqilootaa keessaa isa tokko ta`ee foolii urgaa`aa kan qabuufi akka qoricha aadaattis kan tajaajiludha. Mukti gannaafi bona lalisa. Akka duudhaa Oromoo aanaa kanaatti hiikni kennamu jira. Innis ilmoon haa daddabalamtu, akaakuun itti haa fufu, ilmoon haa urgooftu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kanaafuu ode-keeniitoonni qorattuuf akka gochaan agarsiisuun ibsanitti yeroo kadhannaaf deeman baala ulmaayiis meeshaalee biroo wajjin qabatanii deemu. Suurri jalqabarra jiru yeroo jaarsoliin hirreessa qabatanii karrarra dhaabatan yoo ta'u inni lammaffaa yeroo hirreessa suuqan kanmuli'sudha.







Suura suuqqannaa irreessaa (ulumaayiifi naffuree) mul'isu(Gaafa guyyaa 14/09/2011) qorattuudhaan ka'e.

## 4.3. Meeshaalee Yeroo Cidhaa

Meeshaaleen yeroo cidhaa keessaa inni tokko kennaa intalaaf kennaman yoota'u akka odeefkennitootni qorattuuf ibsanitti yeroo durii intalli heerumtu warra biraa waanti fudhattee heerumtu muraasa. Yoofudhattees waantoota naanoodhuma sanatti tolfamaniifi barbaachisaa ta'anidha. Kan ittin mana baatus amaatiitu qopheessa malee warri intalaa dhamaatii hinqabani.Akka yeroo ammatti garuu warri heerumsiisu warren fuusisan caalaa meeshaa intalli fudhattee heerumtu qopheessuu.

Akka aadaa aanichaatti dhimmootni meeshaadhaan walqabatan irra caalaa dubartoota waan dhiphisuuf warri intalaa intallisaanii meeshaa kamiyyuu hinbarbaadani jechuun odeefkennitootni qorattuuf ibsaniiru. Meeshaalee kunniin keessaa muraasin siree, firaashii, gundoo, gongilchaa, saayinaa, masoobii,baattuu shinii, jabanaa, distiifi k.k.f dha.

Meeshaaleen yeroo cidhaa kanneen biroos gosoota addaa addaatu jiru. Isaanis Uffata aadaa, meeshaalee aadaa, meeshaalee faayaa, meeshaalee tajaajila adda addaatiif oolan bifa kennaadhaan kennamanidha. Uummatni Oromoo aanaa Calliyaa uffataa aadaa yeroo fuudhaafi heerumaa uffatu qaba. Uffatni missirroonni uffatanis nijira. Haata`u malee haalli uffannaa yeroo cidhaa uffatamu yeroodhaa yerootti jijjiiramaa akka dhufe odeef-kennitoonni ibsaniiru. Ta`us guutummaa guutuutti boca isaa gadi dhiisuun kan jijjiirame osoo hintaane fooyya`insi tokko tokko akka taasifame qorattuuf ibsaniiru. Uffannaan aadaa kanneen akka maashinii, sabbata, xibabii kutaa (gaabii), dibaabee, shaamaa diimaa, gadna qata isa yeroo ammaa(bijaamaa) jedhamuufii qomeen sirriitti beekamu. Isaan kun bakkeewwan hundattiyyuu kan hafan miti. Dabalataanis meeshaaleen faayaa adda addaa kanneen akka qubeelaa, miidhaksituu gurraa, warqee mormaa, kan hinhafnedha. Akka qorattuun ibsitoota irraa hubattetti yeroo durii kophee shaaftii jedhamu intalaaf kan bitamu yommuu ta`u, yeroo ammaa kana garuu jijjiiramee kanuma ijatti bareedutu bitama. Gurbaanis akkuma intalaa uffata aadaa Oromoo uffatateetu fuudha. Kana malees waayilliifi miinjeen isaa huccuu aadaa kan walfakkaatu uffachuun gara warra intalaa deemu. Kaayyoon uffata aadaas miidhagina addaa addaa dabaluufi aadaa uummatichaa calaqqisiisuudha. Gurbaan fuudhuufi miinjoliin isaa uffannaa gosa tokko uffachuun isaanii jaalalaafi tokkummaa waliif qabaachuu mul`isa.

Kanneen biroo meeshaalee kennaa yoo ta`an warri intalaa firoonni ishee akkasumas hiriyoonniifi ollaan intalaa meeshaalee gara garaa bittun tolchuufi dhahuun akka gumaataatti intalaa kennama jechuun odeef-kennitoonni qorattuutti himaniiru. Meeshaaleen kanneen kun faaya garagaraa ta`uu danda`u. kennaan kun karaa maqaa haadhaa, abbaafi intalaatiin ta`uu danda`a. haaluma kanaan meeshaaleen guyyaa cidha sanaa kennaman walitti qabamuun intalaaf kennamee fudhattee heerumti.

Akka odeef-kennitoonni qorattuuf ibsaniitti miinjeen gurbaa meeshaalee sana galmeeffatee hamaamotatti kennuun fuudhanii gara mana warra gurbaatti geessu.Yeroo tokko tokko yeroo

meeshaan baay`ate imaanaadhaan maatii intalaa bira kaawwachuun gaafa miinjeen deebi`ee dhaqu fudhatanii galu.

### 4.4. Meeshaalee Yeroo Eebbaa

#### 4.4.1. Waddeessa Abbaa Gadaa

Akka odeefkennitoonni qorattuuf ibsanitti waddeessi abbaa gadaa boca qaama dhiiraatiin fakkeeffama. Abbootii gadaatiin kan hidhatamudha. Muka waddeessaa irraa sirriitti soofamee bareedee erga qophaayee booda gogaa loonii irraa teepha qal`oo muranii ittiin mataa isaaniitti hidhatu. Innis dhiirummaatti kan fakkeeffamu yoo ta`u abbaa gadaa qofatu kaawwata. Kanaafuu gaafa sabbatmarii kadhachuu deeman waddeessa abbaa gadaa kaawwatanii deemu. Kunis akka qorattuuf ibsanitti guulli yoo jiraate waanti hunduu kallattii hundaanuu milkiin isaa nitola jaarsolii kadhaaf deeman keessaa abbaan gadaa yoo jiraate warri gurbaa arganneetu galla, ni milkoofna hindhabnu jedhanii abdii guddaadhaan deemu. Akka odekennitoonni aanaa Calliyaa jedhu.Aadde Tolashii Akkureefi Obbo Tamasgeen Makuriyaa).



Suura  abbaa gadaa yeroo Waddeessa Aabbaa Gadaa godhatu (Madda:Qorannoo Eebbisaa Jirannee sirna Gumaa irratti 0210/2018 Yuunvarsiitii Ambootti Hojjetame)

### 4.4.2. Caaccuu

**Caaccuu irratti colleen haala itti naqamu `qabu**

Caaccuu irratti colleen haala itti naqamuufi wanta itti fakkeeffamu qaba. Tokkoon tokkoo isaaniis hiika mataa isaanii akka qaban odeefkennitootni niibsu. Innis lamaan, sadiin, afuriin, shaniinfi, jahaan iddoo shanitti nam`a.

**Lama-** haadha manaafi abbaa manaatti fakkeeffama.

**Sadan-** tokkoon bilcheeffatanii nyaachuu mul`isa.

**Afur-** mucha sa`aatti fakkeeffama.

**Shan**- Shanan gadaatiin fakkeeffama.

J**aha-** maatii bay`ifachuu mul`isa jechuun haati siiqqee Aadde Tolashiin akureefi miseensa isaani irraa qoratteetti.



Fakkii caaccuu (Madda: Haadha siiqqee aanaa Calliyaa irra gaafa guyyaa 13/09/2011 kan fudhatame)

### 4.4.3. Marga Coqorsaa

Uummanni Oromoo yeroo waaqa kadhatu marga qabata. Margi qabatamu garuu marga hunda miti. Gosa margaa keessaa coqorsatu filatama. Akka odeefkennitoonni qorattuuf ibsanitti coqorsi gosa margaa keessaa lafarra lo`ee bakka hedduu kan qabatudha. Kunis bal`achuu, walhoruu, dagaaguutti hiikama. Kanaafuu abbaas ta`ee haati yommuu eebbisan coqorsa harkatti qabachuun horaa, gannaa bona lalisaa jechuun haadhaafi abbaan qabachuun eebbisu.

### 4.4.4. Caaccuu Fi Callee

Akka odeefkennitoonni qorattuuf ibsanitti caaccuufi callee kan qabatu haadhadha. Caaccuun qaama dubartiin fakkeeffama. Calleen immoo ijoolleetti fakkeeffama. Akka aadaa Oromoo naannoo sanaatti caaccuun dugdatti kan baatamu yoo ta`e, calleen mormatti kaawwatama.





Suura calleefi ccaaccuu Mul'suu(Madda: WATAC)

Akka duudhaattis caaccuun hormaatni siif haa qajeelu jechuu yoo ta`u colleen immoo ilmoon siif haa hortu jechuudha.

Akkasumas calleefi caaccuun miidhaginaafis tajaajiluu isaa odeef-kennitootni qorattuuf ibsaniiru.

### 4.4.5. Okoleefi Gaadii

Okoleen meeshaa aadaa Oromoo keessaa isa tokko ta`ee dubartootni Oromoo kan ittiin aannan elmanidha. Oromoofi aannan immoo hariiroo cimaa qabu. Odeefkennitootni qorattuuf akka ibsanitti haati yommuu eebbistu okoleefi gaadii harkatti qabatti. Innis hori harkiifi sammuun kee hingogiin jiidhi jechuudha.

Akkasumas qe`een kee horiin haa guutamu,kan ittin qottu,kan elmattu hindhabiin jechuudha. Kanaafuu meeshaalee yeroo eebbaa kun hundi isaanii uummata kana biratti ergaa guddaa akka qaban yaada kennitoota irraa hubachuun danda`ameera.

### 4.5. Sirboota Ykn Weedduuwwan Yeroo Cidhaa Weeddifaman

Sirna gaa`ilaa kam keessayyuu weedduun ni jira.Haata`u malee yeroon weedduufi gosti weedduu garaagaradha.Weedduuwwan kunniinis yeroo cidhaa ykn akka sabbatmariitti gaafa guyyaa intala fudhatee galudha. Weedduun yeroo sabbatmarii heeruma dura hiiroo/ergaa dhaammannaa bay`ata. Sababni isaas sirni gaa`ilaa kunfedhii intalaafi warra isheetiin ala akka tasaa waan irraan ba`uuf osoo wal mararsiifatanii hiriyoonni intalaafi firoonni ishee kan gaggeessan ta`uu of- walaloo garagaraan ergaa isaanii dabarfatu.

Weedduuwwan sabbatmarii af-walaloon marartoo haaqabaatan malee arrabsoofi qeeqa heddumminaan qaba. Kunis warri gurbaafi warri intalaa sanyiin, dinagdeen akkasumas garaagarummaa kaamettummaa ,boosummaafi dhimmoota aadaa hawaasaa ibsan hedduu irratti xiyyeeffachuun weeddisu. Haaluma kanaan weedduuwwan warra intalaa, warra gurbaa arrabsoo isaanii waliin akka armaan gadiitti kan ta`an ta`ee dhuma irratti ibsi itti kennameera.

### 4.5.1 Weedduu Heeruma Duraa

**A. Weedduu intala heerumtuu**

Intalli herumtu qe'ee warra isheetii deemuun waan ishee mararuuf akkasumas maatiirra adda bahuun yaaddoo waan itti ta'uuf hiiroo dhahachuun seenaa dhaamti.

1. *Siree teephaa siree teephaa*
   *Afaan hulaatti as adeemaa*
   *Dhaamsa daashoon himee deemaa(3)*
2. *Hiree yaa hiree hiree naawaamaa*
   *Seenaan dhaamaa seenaan dhaamaa*
3. *Aayyoo yaa haadha koo*
   *Fidi irbaata koo*
   *Irbaata mitii dibi qarreekoo*
   *Ijibbaata koo(2)*
4. Aayyoo yaa haadha koo
   Nyaata irbaata koo dilbii kaawwadhuu
   Dibaa qarree koo samaa kaawwadhuu
   Hiroo yaa hiroo ijibbaata koo (Addee Shittoo Biqilaa gaafa guyyaa 29/09/2011)

Afwalaloon /hiiroon/ intala heerumtuun qabxii tokkoffaafi lammaffaa jalatti tarreeffaman seenaa dhaammachuu akkasumas fedhiishii malee yaada abbaafi haadha ishee kabajuuf jecha gara heeruma kanaatti kan dhufte ta`uu hiriyoota isheetti bifa mararoodhaan kan itti himattudha jechuun Aadde Shittoon ibsaniiru.

Fakkeenyaaf afwalaloon qabxii 1ffaafi 2ffaa jalaa bo`oo 1-5tti tarreeffaman waan haati koo naan jetten isinitti hima gara koo koottaa jechuu akka ta`e odeef-kennitoonni qorattuuf ibsaniiru. Akkasumas hiriyyee yaa hiriyyee,hiriyaa naa waamaa seenaan dhaamaa kan jedhu, hiriyaa garaa kootii(ebeluun naaf waamaa) icciitii garaa kootiin isheetti himadhun qaba yaada jedhu akka qabu qorattuuf ibsaniiru.

Qabxii **3ffaa** jala bo`oo **1-8**tti jiru yoo ilaalle ergaa intalli bifa afwalaloon hiriyootatti dhaamte hubanna. Achi keessatti intalli haatishee,gaggeessaa akka gootuuf,yommuu gaggeessitummoo duudhaa guutamuu qabu hundaa guuttee heerumsiisuu akka qabdu dhaamti.

Karaa gara biraa "*yaa haadha koo*

*Fidi irbaata koo*

*Irbaata mitii dibaa qarree koo*

*Ijibbaata koo (Aadde Tolashii Akkuree 13/09/2011)*

Kan jedhu intalli kanaan dura kan heerumtee hinbeekne durba ta`uu ishee afoola kanaan ibsatti. "duuba qarree koo ijibbaata koo" kan jedhu dhumarratti akka aadaa Oromoo aanaa kanaatti durbi yommuu manaa baatu gaafa qarree buusaa dibduun kabaja durbummaa isheef qabdu ibsiti jechuudha. Afwalaloon bo`oo 4-8 tarreeffames intalli heerumtu quuqqaa garaa ishee ibsachuuf gara fuulduraattillee qe`ee warra isheetii dhiyaana homaa akka hin qabne,haati ishee ormatti dabarsitee ishee kennuuf qophaa`uun itti dhagahamuun aarii warra isheerraa qabdu ibsachuuf kan weeddistedha.

Hirmaattonni sirna gaa`ilaa isheetiif qeeqa ishee kana irraa eenyummaa ishee erga hubatanii booda addooyyonni isheefi hiriyoonni ishee akka armaan gadiitti weeddisu.

**B. Weedduu Addooyyeefi Hiriyootaa**

1. *Isharireen corqitee genneen kaatee*
   *Shinshinii gonfitee*
   *Giddiin qabnaan higgiin qabnaan*
   *Haadha deesse obsitee…………..* (Obbo Tasfaayee Dheeressaa Gaafa guyyaa 21/05/2011)

Afwalaloo armaan duraa akkuma hubachuun danda`amutti hiriyoonni intalaa waljalaa qabanii intala heerumtu dirqisiifamuu ishee faarfatu. Fakkeenyaaf bo`oo afwalaloo jalqabaa hanga dhumaatti "genneen kaatee shinshinii gonfattee giddiin qabnaan higgiin qabnaan haadha deesse obsite" yaada jedhu yommuu qaacceffamugennee (intalli) gara mana warra gurbaatti deemuuf

qophaa`uu ishee kan ibsu yoo ta`u, kan isheen deemuuf kaates uffannaa aadaa heerumaa kan shinshinii jedhamu uffattee, miidhagdee garaa ishee kutattee ka`uu ibsa.

Murtoon intala heerumtuu kunis dirqama duudhaafi safuu isheetti ta`u malee jaalattee kan deemte akka hintaane mul`isa. Sirni fuudhaafi heerumaa sabbatmarii aadaafi safuu,amantiin kan sodaatamu ta`ee intalli haadhaafi abbaan kan diqisiifamtu ta`uu isaa hubachuun nidanda`ama. Odeef kennitoonni aanaa Calliyaas ergaa weedduu intala heerumaaf kaatee weeddiftuu kan ergaasaa bal`inaan ibsaniiru.

Kaayyoon weedduu inni guddaan gorsuu, madaallii aadaa Oromoo ta`an garlamaanuu guutuu akka qaban himuudha malee jibbinsa warra walfuudhan lamaan jidduu jiru miti. Weedduuwwan arrabsoo kunniin maqaa namoota arrabsamanii qofaan adda ta`a malee warra intalaas ta`e warra gurbaan niraawwatama.

Haaluma kanaan weedduun arrabsoo armaan gaditti ibsame sababa gurbaan osoo intalli hin beekiin sirna kanaan fuudheef haaloo ba`uufi aarii isanii baafachuuf weeddisanidha.

2. *Hambaltaan mukaa waancaa gombisuu*
   *Leencicha budaa mataa tolchituu*
   *Haati kee naafa jilbaan adeemtii*
   *Abbaa kee nyaattee mataakeef deemti(*Obbo Dhibbaa Darrasaa gaafa guyyaa 02/07/2011)

Arrabsoon yeroo cidhaa bu`uuraan eenyummaa warra gurbaas ta`e warra intalaa kan ibsu osoo hin taane qeeqa,quuqqaa,aarii isaanii ibsachuuf kan weeddifamudha. Akkasumas dhugaa qabatamaa ibsuuf osoo hintaane olaantummaa ofii ibsachuu qofaaf nitajaajilamu. Afwalaloo armaan oliirraa hubachuun akka danda`amutti keessattuu bo`oon dhumaa lamaan dhugaa qabatamaa nutti horuun eenyummaa keessoo warra gurbaas ta`e warra intalaa ibsuuf dhimma itti bahu. Fakkeenyaaf akka odeef-kennitoonni himanitti “Haatikee naafa jilbaan deemti” jechuun akka waraabeessaatti okkolti jechuudha. “Abbaa kee nyaattee mataa keef deemti” kan jedhu keessatti haati gurbaa budaadha nama nyaatti, Abbaa keefiyyuu gaarii hintaane,siinis siballeessuuf deemti,mucaan keenya yoo dhufte,yoo dabalamte nimiidhamti yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Akkuma dura ibsamuuf yaalame afwalaloon yeroo cidhaa weeddifaman kallattiidhaan dhugaa qabatamaa hinmul`isan. Haata`u malee dhoksaa jiru karaa ittiin ibsataniifi wal qeeqanidha. Dhoksaan kunis wantoota safuufi duudhaa hawaasa keessatti fudhatama hinqabneefi balaaleffataman kan akka hannaa, sobaa, ejjaafi k.k.f ta`uu akka danda'u odeefkennitootni ni himu.

*Obboleessi koo gingilchaa bitee nadaawwachiisaa*

*Obboleessi kee misingaa bitee sigobsiisaa*

> *Gamatti ilaaleen Wayyeessaan se`ee*
> *Kun ilka hin taatu kokorsituudha*
> *Kun dhirsa hintaatu qancarsituudha*.(Aadde Alamii Tarreessaa gaafa guyyaa 21/06/2011)

Weedduun arrabsoo armaan olitti ibsame gurbaa fuudhuuf kan weeddifamu yoo ta`u, afoola oguummaa qabuun eenyummaa, bifaafi amala gurbaan qabu kan ittiin ibsamudha. Akka odeef-kennitoonni qorattuuf ibsanitti bo`oowwan walaloo jalqabaa lamaan, gurbaan fuudhu sodaataa akka ta`e ,shamarran warra intalaa kan weeddisanidha. Bo`oon (**3-4**) irratti kan ibsaman gurbichi kan fooyya`insa hinqabne fokkisaa ta`uu,bineensa bosonaa keessaa jaldeessa fakkaachuufi dabeessa ta`uu ,jaldeessaan walbira qabanii ittiin arrabsu.

Bo`oo(5-6)ttii afwalaloon jiru,akka odeef-kennitoonni qorattuuf ibsan,gurbaan fuudhu kan kaayyoo hinqabne akkasumas kan ejjennoo hinqabne ta`uufi umurii isaa akkasumaan kan fixu ta`uu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun afwalaloo armaan olii isaan dhumaa lamaan aadaa hojii gurbaa sirriitti ibsu. Kunis gurbaa fuudhu kan fakkeessu malee ulaagaa dhirsummaa hinguutu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Keessattuu bo`oon dhumaa "kun dhirsa hintaatu qancarsituudha" umuriin hiyyummaa dheerachuu akka danda`u ibsa.

Akka odeef-kennitoonni jedhanitti gurbaan sabbatmarii dhaan fuudhuukan murteesse warri intalaa natuffatu jedhee yoo yaadeefi qabeenyaan yoo isaanii gadi ta`e ta`uu danda`a. Yommuu haalli akkasii uumamu gareen warra intalaa weedduu akkasii weeddisuun gurbaan akka ofceepha`u godhu. Waan kana ta`eef weedduun sirna kana irratti weeddifaman dhugaa

qabatamaa karaa ogummaan deggaramee ibsamuu kan hinqabneefi akkasumaan ofjajuuf kan weeddifamanidha.Obbo Tamasgeen Makuraa gaafa guyyaa 04/03/2011).akkas jechuun ibsu:

3. *Daaraan margaaree facaasii ilaali*
   *Ballaankee argaaree aqaaqii ilaali*
   *Gajamoo hinqabdu maaf muka yaabbattaa*
   *Farankaa hinqabdu maaf fuudha yaaddaa*

Akkuma duraan ibsamuu yaalametti walaoon armaan olii gurbaan fuudhu osoo qabeenya hinhoratiin maaliif gara bultii dhabuutti akka ariifate kan ibsudha. Namoonni qorattuuf odeeffannoo kennan akka ibsanitti dargaggeessi tokko otoo fuudhuuf hinmurteessiin dura maaliin mana isaa bulchuu akka qabu itti yaaduu qaba jedhu. Wantootni inni itti yaadu, mana ijaarrachuufi bakka itti ijaarratu, qotiyyoo ittiin qotatu,ameessa elmatu qabaachuu qaba jedhu. Kunis hiika mataasaa qaba. Sangaan kan buddeeen ittiin nyaatamudha jedhu. Sangaa tokko yoo qabaate nama gara birootti hidhatee qotata. Manniifi bakki manaa intalli dhuftu mana ishee jiraachaa biqiltuu adda addaa akka dhaabbattuufidha.Ameessi immoo erga walfuudhanii ilmoo erga walfuudhanii ilmoo argachuun waan hinoolleef mucaan dhalatu aannan gandaa dhuguun fafa jechuun amanu.

4. *Hin yaadu hinyaadu hambaa fira koo*
   *Sincaala duraanuu sangaa didaa koo*
   *Kaleessa ayyaana har`a roobiidha*
   *Ilkaan fal`aana miilli qoorbiidha.*
   Warri keenyallee saamunaa qabu saamunaa dubbii
   Keessan sabaara qabu sabaara qurcii (Boontuu Tamsgeen gaafa guyyaa 15/09/2011)

Akka odeef-kennitoonni ibsanitti bo`oowwan walaloo armaan olitti ibsaman kana keessatti yaadoleen ka`an sanyummaa kan ibsan osoo hintaane boosummaa ykn kameettummaa gurbaa agarsiisuuf keessattuu bo`oowwan gara dhumaa lamaan kallattiidhaan yoo ilaalamu arrabsoo sanyummaa fakkaata. Haata`u malee qulqullina dhuunfaa gurbaafi warra isaa ibsuuf weeddifama. Kanaafuu weedduun sirna gaa`ila kana keessatti weeddifamu gorsa kallattii agarsiisuufi namni akka ofhubatu gochuuf kan weeddifamu malee, itti yaadamee sanyii walii arrabsuufi garaagarummaa kan ibsan miti.

Guyyaa cidhaa booda warri soddaa lamaan arrabsoon amma fedhe yoo jiraateyyuu nifiroomu. Arrabsoon sun hunduu haaloo kan qabatamu miti.

5. *Kan durba ilaalu marga lafaati*
   *Kan fuudhee bulchu dhala namaati*
   *Hamaamonni kee dhufa sisimti sibareechuufoo*
   *Gala siyaabbatu sigadheessuufoo* (Obbo Dheeressaa Qalbeessaa gaafa guyyaa 12/03/2011)

Weedduun kun icciitii guddaa akka ofkeessaa qabu odeefkennitoonni sirriitti ibsaniiru. Bo`oowwan lamaan jalqabaa durba namni namni kamiyyuu ilaallachuu akka danda`u, garuu namni hunduu fuudhee bulfachuuf walqixa akka hintaane ergaa ofkeessaa qaba. Karaa biraatiin bo`oowwan lamaan gara dhumaa lamaan cimina ykn dadhabina gurbaa ibsuuf shamarran warra intalaa kan sirban yoo ta`u, ergaan isaa hamaamotni gurbaa yommuu gara warra intalaa dhaqan gurbaa kan leellisan yoo ta`u gara warra gurbaatti yoo deebi`an shakkii gurbaarraa qaban kan ittiin ibsanidha. Kunis gurbaan durbummaa intalaa fudhachuu yoo dadhabe hamaamonni isaa akka isa lolan qeequun bifa afwalalootiin ergaa dabarsuuf:

6. *Ulee ulmaayii naa murti seetee hinqabatiinii*
   *Gaanfureen aayyoo naaf bulti seetee hinabdatiinii*
   *Yaa hiddee dheeraa yaa dirqii seeraa*
   *Luka dhiquun koo bitaa rafuun koo* Obbo Dheeressaa Qalbeessaa 12/03/0211).

Dhuma weedduu arrabsoo irratti shamarran warra intalaa hamma fedhan haa arrabsan malee olaantummaa abbaa manaa akka eegamuu qabu ibsuun goolabu. Keessumaayyuu bo`oowwan walaloo armaan olii keessaa warri gara dhumaa lmaan seerri gaayilaa duudhaa abbaafi aayyoo akkasumas aadaan oromoo waan nama dinqisiisu keessaa lama. Isaanis abbaa manaa miila dhiquufi dubartiin hamma feete yoo cimtuu taateyyuu bitaan rafuushee dagachuu akka hinqabne intala bakka bu`uun bifa weedduutiin dhaamu. Kanaafuu duudhaa uummata oromoo aanaa calliyaa irraaf jalaan walii abboomuun akka jiru agarsiisa.

Haaluma kanaan firoonni ollaa shamarran warra gurbaas wedduu ittiin gaa`ila gurbaa dabalan qabu. Haata`u malee sirbi warra gurbaatti sirbamu yommuu gurbaan intala fudhachuuf ba`u

cimina, miidhagina, jjajjabinafi milkaa`ina gaarii gurbaaf hawwuun kan gaggeessanidha malee akka warra intalaa seenaan dhaamaniifi hiroon weeddifamu hinjiru.

**C. Qe`ee warra gurbaatti sirba sirbamu**

**1. Yeroo gurbaan fuudha deemu**

*Irroo irreessa fardaa o kaa`oon deebitehoo*
*Sargiin fudhatee galee hoo kaa`oon deebitehoo*
*Yamushurraa fardaan baga kaa`oon deebitehoo*
*Hoo yaaleelloo fardaahoo*
*Hoo yaa leelloo dhirsaa hoo*
*Baga kaa`oon deebitehoo*
*Kaawoon deebitee haa deebitu malee*
*Deebitee yahoo,heehee*
*Ijoollee walii yaa lammacha lolaa*
*Reefuu kaawoon deebite*.

*Burii barbaaddee burii nagaaddee*

*Kakoo falaxxee, baakkoo nagaddee*

*Akka abbaa boruu ce`eera maarree*

Kan abbaan boo`uu jedheera maarree (Obbo Taakkalaa Hirphaa gaafa guyyaa 02/07/2011)

Weedduun arrabsoo armaan olii kun shamarran warra gurbaa intalli durba ta`uushee yoo shakkan arrabsoo yaaddoo ofkeessaa qabu kanaan qeeqa weeddisu. Keessumattuu bu`aan afwalaloo gara jalqabaa lamaan intalli erga guyyaan cidhaa dhiyaatee kaastee yaaddoodhaan akka dhiphachaa turte kan agarsiisudha. Odeef-kennitoonni akka jedhanitti bo`oowwan walaloo (5-6)tti jiran intalli durbummaa isheetti kan hinamanne yoo ta`e heerumuushee caalaa maaliif dhamaatee of hinjiraachiftuu kan jedhu ofkeessaa qaba jechuun ibisu. Sababni isaas akka hawaasa Oromootti keessumattuu akka hawaasa aanaa durbi durbummaan hin heerumne salphina guddaaf akka saaxilamtetti waan ilaalamuuf gaafa heerumtu salphachuu ishee manna daldaltee jiraachuu jiraachuu wayyaatu filatama.

Kanaafuu hawaaasa aanaa calliyaa biratti durbi tokko durbummaan heerumuun kabaja guddaa kan qabu yoo ta`u, durbummaa osoo hinqabaatiin heerumuun immoo salphina guddaa akka ta`e odeef-kennitootni qorattuuf mirkaneessaniiru. (Obbo Tamasgeen Makuryaafi mseensots isaanii gaafa guyyaa 13/09/2011).

2. *Eessatti deemta yaa intaloo*
   *Sanbataan karaa bultee*
   *Sabbataan haraa dhuftee*
   *Eessatti deemta yaa intaloo*
   *Jimaataan karaa bultee*
   *Gilaasaan martee dhuftee*
3. *Geeshehoo yaa baala geeshehoo*
   *Intaloon karaatti deessehoo*
   *Kan yoona geesse hoo*
   *Yaa baala geeshe hoo*
   *Miinjeenoo mucaadha baata*
   *Waayilloo obbaatii baata hoo*
   *Kan yoona geese hoo*
   *Yaa baala geeshe hoo*

Weedduuwwan arrabsoo lakk.2fi 3 jalatti weeddifaman faaruu dhugaa osoo hin taane faaruu ceephooti. Keessumaayyuu gurbaan fuudhaaf bahe sababa hinbeekamneen warri intalaa hamaamota kan tursan yoo ta`e, shamarraniifi firoonni gurbaa hamaamota intalaa fiduuf deeme eegaa turanii yoo dhaban, dhumarratti turtii booda yommuu sagalee weedduu hamaamotaa dhagahan aarii qaban ibsachuuf weedduu kana weeddisu. Akka od-ibsitoota irraa hubatamutti kaayyoon weedduu kanaa intalli boosattiidha daftee manaa hinbaatu, harkifattuudha yaada jedhu ibsa malee dhuguma intalli karaatti kan deesse miti.(Aaddee Caalettii Kumaa gaafa guyyaa14/09/2011)

Walumaagalatti weedduuwwan yeroo cidhaa sirbaman hunduu akka aadaa uummata Oromoo aanaa Calliyaatti guyyaadhuma cidhaa sana kan weeddifamanii darban malee gara fuula duraatti maatiin kallattii lamaanii kan walitti mufatan osoo hintaane kan walitti firooman, soddoomanii fi wal kabajan ta`uu qorattuun yaada odeef-kennitoota hubachuu dandeesseetti.

### 4.6. Akaakuu Fakkoommiiwwan Sirna Fuudhaafi Heerumaa Sabbata Marii Keessaa

Akka Salamoon (2007:258) insutti mallattoon (fokkoommiin) yaada tokko bakka bu'uu danda'a.Yaaduma kana cimsuun Katz (1972) yoo ibsu, fakkoommii yaadawwan lama qabatee dhiyaata. Isaanis mallattoofi hiika qaan dhiyaate sanaa ibsa. Dabalataanis, Mortaan (1975:15) s yoo ibsuu "Symbol selects cetain pairs (symbol,interetation) among the set defind in the very structure of symbolism" mallattoofi hiika mallattichaan walqabata.

Yaada kanarraa akka hubatamutti sirna fuudhaafi heeruma sabbatmaii keessatti fakkoommii gosa adda adda akka jiru odeefkennitootni qorattuuf ibsaniiru. Haaluma kanaan mallattoofi hiikni mallattoo walitti dhufeenya akka qaban qorattuuf ibsaniiru.

#### 4.6.1 Fakkoommii Qurcii

Akka odeef-kennitoonni qorattuutti himanitti duudhaa hawaasichaa keessatti qurcii fuudhanii sabbatmariin fuudha dhaquun ittin maganuufidha.Kunis yoo intala keessan nudhoowwattan intalli keessan niqurcoofti jechuutti fakkeeffama. Kana sodaaf jecha warri intalaa nikennu. hooda qaba. Akka aadaa uummata aanaa Calliyaatti duudhaan nikabajama, nisodaatamas jechuun dubbatu.

Akka yaada odeef-kennitoota irraa qorattuun hubattetti warri gurbaa sabbatmarii dhaabachuu yoo dhaqan qurcii, fuudhanii dhaquun hiika of keessaa qaba. Kana fuudhanii dhaqanii tarii warri intalaa yoo didan abaarsadha jechuun ibsu. Kana malees, intala keessan yoo nu dhoowwattan,aadaa kana kabajuu yoo diddan intalli keessan qurcii haa deessu jechuutti fakkeeffama. Kanaafuu warri intalaa kana sodaachuun intala kana gurbaa gaafateef dirqama kennu malee diduu hin danda`ani jechuun Obbo Dheeressaa Qaabatoofi gareen isaanii gaafa 24/08/2011 qorattuuf ibsaniiru.

#### 4.6.2. Nama Qaama Hiruu,Ooluufi Fakkoommiisaa

Akka duudhaa hawaasa naannoo kanaatti nama qaama hir'uufi ooluu fuudhanii sabbatmarii dhaquun wanta itti fakkeeffamu qaba.Kinis xiiqeffachuun intala nuhindhoowwatiina aadaa kana yoocabsitan qaamni ishee nihirata; qaama hir'uus nideessi jechuun odeefkennittootni qorattuuf ibsu. Akkasumas,ooluu fuudhanii dhaquun warri intalaa diddoo yoofdan ooluu haadeessu jechuutti fakkeeffamuu ibsaniiru.

### 4.6.3. Farda Luugamaa Fi Fakkoommii Isaa

Sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo aanaa Calliyaa keessatti yeroo sabbatmariidhaan fuudhuu dhaqan fardi ni luugamama. Akka od-ibsitoonni aanaa kanaa ibsanitti farda luugamuun sabbatmarii fuudha dhaquun waanta itti fakkeeffamu qaba. Fardi booranaa iddoo guddaa qaba. Kanaafuu hamma warri intalaa eeyyamanitti fardi sun luugamaan dhaabachuun isaafi soorata malee turuun isaa akka aadaa uummata kanaatti hidhamuufi soomaan waan walqabatuuf warri intalaa yaada keessa galchuun akka garaa laafaniif luugamaan geeffama. Haaluma kanan warri intalaas yoo garaa laafan luugamni fardarraa hiikamuun margi ni kennama.

Yaada kanarraa akka hubatamutti soomuu, afaan luugamuunfi sorata malee tursiisuun kadhannaa cimaafi namni gara jabeessillee akka garaa laafu kan taasisu ta'uusaa mul'isa.

### 4.6.4. Ulmaayii, Naffuree Fi Fakkoommii Isaa

Akka aadaa uummata Oromoo aanaa calliyaatti yeroo sabbatamarii dhaabachuu dhaqan warri gurbaa ulmaayiifi naffuree cabsatanii dhaquun osoo warri intalaa hinargiin karraafi balbalatti suuqu.

Akka odeefkennitoonni ibsanitti ulmaayiifi naaffureen gannaa bona lalisaadha, jiidha qaba. Haaluma kanaan namni hirreessa (jiidha) kana qabatee dhaqe kabaja guddaa argachuu qaba. Sababni isaas milkaa`ina akka qabaataniifi eebba akka ta`e qorattuun hubattee jirti.

### 4.6.5. Sirna Mana Ijaarsaa Fi Fakkoommii Isaa

Akka aadaa uummata aanaa Calliyaatti manni kan ijaaramu ollaadhaanidha. Qe`ee maatii keessaa manni hamma fedheyyuu yoo jiraate manni haaraa ijaaramuu qaba. Innis mukaafi citaan waan ijaaramuuf,manni citaadhaan ijaaramuun isaa hiika mataa isaa qaba.

Akka madda odeeffannoo aanaa sanarraa qorattuu hubatetti mana siif ijaaruun keenya bultii godhachuu keetiif nuti siif ragaadha, si wajjin jirra, jireenya keetiif siif tumsina jechuu akka ta`e hubatameera. Akkasumas mana haaraatti fuudhuun qeerrummaafi dubarummaa intalaa mul`isa, kunis lamaanuu maatii isaaniirraa adda bahanii jireenya haaraa jalqabuu isaanii akka mul`isuuf manni haaraas milkii gaariitti akka fakkeeffamu od-ibsitootni qorattuuf ibsaniiru. Akkasumas godoo ijaaruunis xiqqaarraa gara guddaatti deemuu mul`isa jedhu.

### 4.6.6. Wanta Aadaa Gurbaan Qabatee Fuudhaaf Deemuufi fakkoommii Isaa

Akka obbo Tamasgeen Makuraa gaafa 03/05/2011 jedhanitti hawaasa aanaa Calliyaa keessatti gurbaan sabbatmariin fuudhu waan qabatee deemu qaba. Akka odeefkennitoonni jedhanittis abbaa cidhaatu dura deema.

Gaafa fuudha deemu gurbaan fuudhu harka duwwaa osoo hin taane waan harkatti qabatee deemu qaba. Akka aanaa calliyaatti waanta harkatti qabatee deemu keessaabeekamoonsiiqqeefi ulee harooressaa jiidhaa mataarraa qabu, sorooroo kan ta`e qabatee dhaqa. Kunis hiika mataa isaa qaba.


Akka obbo Tamasgeen Makuraa 03/05/2011 tti jedhanitti uleen harooressaa kan muramu muka harooressa jedhamu irraa yoo ta`u, nama muruufi akkaataa itti muramu qaba. Namni ulee harooressaa kana muru abbaa cidhaati**.**

### 4.6.7 Ulee Siiqqee, Ulee Harooressaa Fi Fakkoommii Isaa

Akka haati Siiqqee aanaa Calliyaa Aadde Tolashii Akkaree gaafa 25/08/2011 qorattuuf ibsanitti siiqqeen uummata aanaa Calliyaa biratti kabajaa fi ulfina guddaa qaba. Akka aadaafi amantaa uummata kanaatti haadholiin siiqqee yeroo hongeen bu`u, roobni hammaatuufi k.k.f mudatu marga waliin qabachuun malkaa irratti kadhatu. Kadhannaa kanaan hundinuu nimilkaa`a. kallattii kamiinuu namni siiqqee bira darbee uummata sana biratti abaaramaadha, tuffatamaadha, nijibbama.

Haaluma kanaan gurbaan fuudha deemu ulee harooressaa jiidhaa wajjin iddoo tokkotti qabatee deema. Uleen kun baallaa lama qaba. Ibiddaan qaqamee addaanoo/dhadhaadhaan/waan dibamuuf, aara irratti waan fannifamuuf nidiimata.

Akka Aadde Tolashiin Akkureefi Abbaan gadaa obbo Damee Fiixee gaafa 25/08/2011 qorattuuf himanitti siiqqeen qajeelaadha, miidhagaadha, kanaafuu kan itti fakkeeffamu,bultiin nuuf haa qajeelu,nuuf haa miidhagu jechuutti fakkeeffama. Ulee harooressaa kunis jiidhaafi baala mataa irraa kan qabu ta`uu isaa,nuti ijoolleedha ganaa wal qabannee guddanna kan jedhutti fakkeeffama. Sorooroo ta`uunsaa immoo, ani qajeelaadha atis qajeeli, walfudhannee lammii qajeelaa taana jechuuttifakkeeffama.



Suura Siiqqee(Ulee Harooressaafi Ulumaayii)  Mada: Haadha siiqqe Aanaa calliyaarraa kan fudhatame

## 4.7. Yeroo Intalti Mana Warraatii Baatu Waantoota Raawwataman

Yeroo intalli manaa bahuuf kaatu wantootni raawwataman ni iru. Ilmi fuudhuufi intalli heerumtu biqila guutuu afaaniin qabsiisuun abbaan, haatifi aanteen haaeebbsan Dirribii (2009:269) irratti akkuma ibsu, odeefkennitootni aanaa kanaas akka qorattuuf ibsanitti biqilaan eebbifamanii mana warra intalaatii bahu. Eega manaa gadi bahaniimmoo wanttootni raawwataman ni jiru.

### 4.7.1. Rakkoo Qaluu Fi Fakkoommii Isaa

Akka aadaa uummata Oromoo aanaa Calliyaatti yeroo intala mana warra isheetii fudhatanii bahuuf ka`an dursanii rakoo/hoolaa ilmoo/ qalu.  Rakoo kanas qalu gurbaa fuudhudha. Intalli heerumtu yeroo mana warraatii baatu dhiigicharra ejjechuu qabdi. Kunis akka aadaa uummatichaatti waan itti fakkeeffamu qaba.  Intalli dhiigaan bahuun ishee milkaa`ina argachuu isheetti amanamaa jedhu od-ibsitootni.

### 4.7.2. Gundoo Booree

Gosa fuudhaafi heerumaa kana keessatti eega hundaan walii galanii xumuranii booda meeshaa warri intalaa qopheessaniifi fudhattee heerumtu hundinuu gadi baha. Achi keessaa tokko gundoo

booreedha. Gundoon booree gosuma gundoo ta`ee miidhaginaan akka faayaatti kan qophaa'uu yoota'u haala addaatiin kan ilaalamuufi kan hodha.

### 4.7.3. Gundoo Booree Fi Fakkoommii Isaa

Akka aadaa uummata aanaa kanaatti gundoon booree waanta itti fakkeeffamu qaba. Gundoo isaan kaan irraa addadha, ni miidhaga,ni jaalatamas,intalli heerumtus maatiisheetiif haaluma kanaan fakkeeffamti. Gundoo sana kennuu hin barbaadani. Namni hamaamota keessaa gundoo booree fuudhu waarsaadha. Eenyuyyuu akk fuudhu hineeyyamamu. Kunis cimna isaa madaaluuf jecha wanta taasifamudha. Waarsaan intalaa kun yk obboleessi gurbaa gundoo sana fuudhuu yoodadhabe nituffatama. Hamaamonni gurbaas dursaan gundicha fuudhuu barbaadu. Warri intalaas hinkennani irratti mormii cimaa kaasuu, irratti walloluun gundoo dhoowwatu.

Dubarri karaa intalaa "gundoo booree dhiiftee galtamooree" jechuun hanqaaquu ajeessaa itti darbachuun, uleefaa fudhachuun hamaamotni akka isaanitti hinsiqne ittisuun gundicha dhoowwatu. Gundoo keenuu baannaan intalas fuudhatanii hingaltan, Obboleessi gurbaa fuudhuu kun akkuma ta'u ta'ee hamamota boraan gahuu qaba. Kana booda intallis qe`ee warraatii bahuun dirqama waan ta`eef intala qe`eedhaa baasuu mararsiifachuutti fakkeeffama.(Obbo Dheeressaa Qalbeessaa gaafa guyyaa 12/03/2011) qorattuuf ibsaniiru.

### 4.7.4. Qalaamaa Fardaa Yaabbachuu Intala Heerumtuu Fi Fakkoommii Isaa

Akka obbo Tasfaayee Dheeressaa gaafa guyyaa **21/09/2011** qorattuuf ibsanitti intalli heerumtu akka karra warra isheetii baateen gurbaan fuudhu eega qalaamaaitti aggaamee deebi`een booda miinjeen ishee qabuun qalaamaa fardaa yaabbachiiseetu buusa. Isa booda gaangee yaabbachiisu. Qalaamaa yaabbachuun intalaa,osoo gaangee hin yaabbatiin dursitee yaabbachuun ishee waan itti fakkeeffamu qaba. Kunis gaangeen maseena,fardi ni dhalti. Kanaafuu dursanii farad yaabbachiisuun dhala godhachuufi diroo bal`aa qabaachuu intalaa wajjin walitti fakkeeffama jedhu odeef-kennitoonni.

### 4.7.5 . Yeroo Karra Warra Gurbaa Gahan Fi Fakkoommii Isaa

Akka obbo Dhibbaa Darrasaa fi gareen isaa qorattuuf ibsanitti hiriyoota ishee dabalachuun obboleettiin gurbaa karra dhoowwattee akkas jechuun weeddisu.

"koshor buqqee dilaallaa karra obboo koo hinlixxu haftuu soqolii fanxoo ilaallaa" jechuun karra dhoowwatti. Booda obboleessi kennaa goromsaa kenneetu karra gadhiisuufi. Kunis kan itti fakkeeffamu qaba. Obboleettiin gurbaa qe`ee abbaatti hinhaftu. Kan qe`ee sanatti hafu intala heerumte sana. Kanaafuu qe`ee abbaa koo tola seenuu hinqabdu,itti hafta kan jedhutti fakkeeffama jedhu.

### 4.8. Yeroo Mana Warra Gurbaa Seenan

#### 4.8.1. Dhoqqee Loonii Irraa Ejjechuu Fi Fakkoommii Isaa

Akka aadaa oromoo uummata aanaa calliyaatti intalli karra seentee booda mana warra gurbaa fuudhuu seenu. Kan seenanis haati gurbaa dhoqqee(faltii)loonii balbalarra buusuun intalli irra ejjechuun mana seenti.

Intala mushurraa sana dhoqqee irra ejjechiisuun mana maatii gurbaa seensisuun akka aadaa saba sanaatti waanta itti fakkeeffamu qaba. Dhoqqeen loonii jiidhaadha,jiidhi immoo qabeenyaan walitti fakkeeffama. Kanaafuu intalli kun waanti isheen hojjettu eebba akka qabaatuufii qabeenya akka hortutti akka fakkeeffamu odeef-kennitoonni qorattuuf ibsaniiru.

#### 4.8.2. Lafa Taa`anii Eebbifamuu Fi Fakkoommii Isaa

Akka odeef-kennitoonni qorattuuf ibsanitti mushurroonni mana warra gurbaatti lafa itillee irra taa`anii eebbifamu. Kan eebbifamanis biqila walharkaa fuudhuun dhugaa eebbisu. Kunis waanta itti fakkeeffamu qaba jedhu. Kunis jaalala,tokko ta`uu, walitti makamuu, waliif yaaduu ta`uusaa itti amanuun itillee tokko irra teessisuun biqila wajjin akka eebbisan nihimu. Eega eebbifamanii booda godoo ykn mana caaqulaa seenu.

#### 4.8.3. Aannan Itti Biifuufii Fakkoommii Isaa

Akkuma mana warra gurbaa seenaniin mushurrootatti aannan biifu. Uummata kana biratti aannan bakka olaanaa qaba. Akka odeef-kennitoonni jedhanitti aannan biifuun akka aadaa uummatichaatti waan itti fakkeeffamu qaba. Aannan qabbanaa`aadha, namni hundi aannan hin elmatu, kan loon horee elmatu abbaa qaba. Kanaafuu horii horaatii jireenya keessanitti qabbanaa`aa, horaa karri keessan looniin haa guutamu jechuu akka ta`e odeef-kennitoonni Aadde Alamii Saaqqataa fi Maatiin Dheeressaa Gabayyoo gaafa 14/09/2011 qorattuuf himaniiru.

### 4.8.4. Gaafa Shananii Maqaa Baasuufi Fakkoommiisaa

Akka odeef-kennitoonni aanaa Calliyaa jedhanitti intalli erga heerumtee booda gaafa shananii (guyyaa shanaffaa) waantoota raawwataman keessaa tokko maqaa baasuudha. Kana jechuun duuchaadhumatti osoo hin taane ollafi firoottan naannoo jiran waamuun marqaan nimarqama. Erga marqaan marqamee nyaatanii booda maqaan intala heerumteef karaa warra abbiyyuushee nibaha. Haadha manaa ilma hangafaa yoo taate maqaa Biiftuu, Soorettii, Alamii fi k.k.kf jechuun moggaasu. Kunis kan inni itti fakkeeffamu biiftuun kan nama mul`istu, ifatti nama baasuufi abdii maatii warra gurbaa ta`uushee mul`isajedhu odeef-kennitoonniqorattuudhaan.

Alamii- kan jedhuimmoo akkuma odeef-kennitootni ibsanitti abbaafi haati ilma irratti bu`aa dadhabbii isaanii argatu kan jedhu ta`uu ibsa.

Soorettii- kan jedhus maatiin gurbaa dhaloota sanaaf guddina hawwu. Kanaafuu intala sana soorettii jechuun akka moggaasan nihimu.

### 4.9. Sirna Fuudhaafi Heeruma SabbatMarii Yeroo Ammaa Sadarkaa Inni Irra Jiru

Sabbatmarii dhaabbachuun (ijibbaataan) fuudhuun yeroo ammaa kan hawaasa 0romoo aanaa Calliyaa hunda keessatti raawwatamaa kan tureefi amma garuu hafaa dhufeera. Kanaaf akka duudhaa hawaasa kanaatti gosti fuudhaafi heerumaa kun isa tokko waan ta`eef duudhaan kun aadaa hawaasichaa waan mul`isuuf dagatamuu hinqabu.

Haala yeroo ammaa yoo ilaalle,yeroo ammaa kana akkuma beekamu gosotni fuudhaafi heerumaa hedduun jiraatanillee aanaa kana keessatti dubbatanii fuudhuutu baay`ata. Akka manguddoota aanaa kanaarraa qorattuun hubatteetti waggoota muraasaa as gosti fuudhaafi heerumaa kun hawaasa kana keessatti gaggeeffamaa hinjiru.

Yeroo baay’ee intalaafi gurbaan qofti walii galanii bultii ijaaruunis nijira.Kun immoo qabiyyeewwan afoolaafi fakkoommii sirna fuudhaafi heerumaa kanaa irratti dhiibbaa geessisuu danda`a waan ta’eef hawaasni duudhaasaa dhalootaaf dabarsuu qaba. Kanaafuu, sirni fuudhaafi heerumaa kun gaggeefamuufi itti fufuu qaba kan jedhu yaada qorqttuuti.

# BOQONNAA SHAN: ARGANNOO GUDUUNFAAFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon mata duree “Qaaccessa qabiyyeewwanii sirna fuudhaafi heruma sabbatmarii Godina Shawaa Dhihaa aanaa Calliyaa” jedhu irratti kan gaggeeffame yommuu ta’u, innis boqonnaalee shan kan ofjalatti hammatedha. Boqonnaan tokko ariirrata qorannichaa, ka’umsa, Kaayyoo, barbaachisummaa,hanqinafi qindoomina qorannichaa keessatti ibsameera. Boqonnaan lama sakata’a barruulee kan keessatti ibsame yoota’u, innis barruulee adda addaa kanneen mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban bal’inaan kan keessatti ibsamanidha. Boqannaan sadii, mala qorannichaa, iddattoofi mala idatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa odeeffannoo kan keessatti ibsamanidha.

Haaluma kanaan gaaffilee bu’uraa ka’umsa qorannoo boqonnaa tokko keessatti kaa’aman deebisuuf meeshaalee funaansa raga afgaaffiifi marii gareetti dhimma bahuun walitti qabamaniiru. Boqonnaa afur keessattimmoo ragaalee funaanaman bu’ura godhachuun qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii fuudhaafi heeruma sabatmarii keesaa qacceffamaniiru. Isaanis kanneen kadhaarraa hanga fuudhaatti jiran qaaccessuun duudhaan hawaasa kanaa akka itti fufu dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kanaafuu, qaamolee qorannoo kana keessatti ka`an cuunfaa, goolabaafi yaada furmaataa kan ofkeessaa qabudha. Isaan kunis adda adda bahanii akkaataa ifa ta`een dhiyaataniiru.

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaa naannoo Oromiyaa Godina shawaa dhihaa aaanaa Calliyaa adeemsa fuudhaafi heeruma sabbatmarii hafaa waan jiruuf sirna kadhaa irraa eegalee hanga fuudhaatti kan argaman qabiyyeewwan, afoolaawwaniifi fakkoommii sirnicha keessatti argaman qaaccessuun beekumsiifi duudhaan hawaasaa kanaa akka mul’iatuu akkasumas itti fufinsaanu dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti kan xiyyeeffatudha.

Walimaagalatti sirni fuudhaafi heeruma sabbatmarii waantoota ofkeessaatti qabatu, maalirra akka ture yeroo amma maalirra akka jiru qaacceffamera.

## 5.2 Argannoo

Qorannoo kana jalatti odeeffannoon odeefkennitoota irraa afgaaffiifi marii garee argame boqonnaa afur jalatti qaacceffamee hiikni itti kennameera. Gaaffiiwwan bu'uraa boqannaa tokka jalatti ka'an irratti hundaa'uun deebii argame irraa argannoowwan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

GB.1. Qabiyyeewwan sirna fuudhaafi heeruma sabbatmarii keessaa maal fa'i? Dhaamsa maalii dabarsu?

- ❖ Qabiyyeewwan sirna fuudhaafi heeruma sabbatmrii keessaatti dhimma itti Bahaman argamaniiru.
  - ➢ Kallacha,halangaa, baala ulumaayii, farada luugamaan, baala hindhee, caaccuu, callee, okleefi gaadiifaa jiraachuun bira gahameera.

GB.2. Akaakuuwwan fakkoommii sirna kanaa keessaa maal fa'i?

Akaakuuwwan fakkoommii sirna kna keessaa: nama qaama hir`uu, qurcii, jaamaa, farada luugamaa, sirna ijaarsa manaa, meeshaa gurbaan qabatee fuudha dhaqu (ulee siiqqee, Harooressaa), gundoo booree, dhoqqee buusuun intala heerumtu irra ejjechiisuu ,lafa taa`anii eebbifamuu,maqaan bahuu,aannan kan biifamu ta`uu isaa hubatameera.

GB.3. Ergaa fakkoommiiwwan sirna fuudhaafi heerumaa kana keessaa maaliin fakkeeffamu?

- ➢ Akka duudhaa hawaasa aanaa kanaatti nama qaama qurcii fuudhanii sabbatmrii dhaquun intala keessan yoo nudhoowwattan intalli keessan niqurcoofti jechuutti fakkeeffamuun biragahameera.
- ➢ Nama qaama hir'uu ykn ooluu fuudhanii dhaquun yoo warri intalaa didan ittiin maganuu (kana haa deessu) jechuu ta`uu hubatameera.
- ➢ Fara luugamaan dhaabuun, sorata malee soomsuu: Fardi boorana ulfina guddaa qaba jechuun hamma maatiin intalaa tole jedhanitti ittin maganuu ta'uun beekameera.
- ➢ Mana haaraa ijaaruun qeerrummaafi durbummaa intalaa mul`isuu akkasumas milkii gaarii hawwuutti fakkeeffamuunisaa beekameera..

- Ulee siiqqeefi harooressaa qabatee gurbaan fuudhu dhaquun ergaansaa: qajeelummaa, maatii godhachuutti fakkeefama.
- Gundoo booreen miidhaginaafi intalaan heerumtutti fakkeeffamuun mararfatamee dhoowwatamuutti fakkeeffamuun bira gahameera.
- Yeroo mana warratii baatu qalaama Fardaa yaabbachiisuun buusuun dhala godhachuufi diroo bal'aa qabaachuu intala heerumtuuf hawwuu wajjin fakkeefamuu mul'isa.
- Dhoqqee loonii buusuun: Dhoqqeen loonii jiidhaadha; loonimmoo qabeenyaan walitti fakkeeffama. Kanaafuu, wanti isheen hojjettu eebba akka qabaatufi qabeenya akka horattu,elmattee akka nyaattu hawwutti fakkeeffama.
- Maqaa baasuun intalli heerumte sun abdii warra gurbaa ta'uu kan mulisu yoo ta'u haadha manaa hangafaa yoo taate biiftuu, soorettii, alamiifi k.k.f. jechuun moggaasu. Kanaafuu abbaafi haati gurbaa isheerratti bu'aa dhdhabbi isaanii argatu jedhameetu amanma.
- Aannan biifuun eebbisuu: qabeenya horuufi dhala godhachuu ta`uutti fakkeeffamuun isaa argameera.

GB. 4. Afoolawwan raawwii sirna fuudhaafi heeruma kana keessaatti hojiirra oola isaan kama? Malittis fakkeeffamu?

- Afoolawwan sirna fuudhaafi heeruma kana keessaa kan yeroo kadhaa kaan irraa adda ta'an jiraachuun biragahameera.Kunis "ilama isiin taana abba nuuf ta'aa (4) jechuun irra deddeebi'iin kadhatu.
- Haala gaaffii gochootaan walqabatanii fuudhaafi heeruma kaan irraa adda ta'uun argameera.

GB.5. Afoolawwan kunniin ergaa maalii qabu? Yeroo ammahoo sadarkaa maaliirra jiru?

- Afoolaawwan kunnin akka duudhaa hawaasichaatti maalitti akka fakkeefamanifi ergaan isaaniis amantiin walqabachuun, walmaganuun sirni kadhaanaa mul'isan jiraachuun bira gaahameera.
- Weedduu keessatis faaruun farfamuu jibbinsaa dhugaa ta'uu dhiisuufi qeequun wal jajjabeesu ta'uun isaa qaacceffameera.

- Sirni fuudhaafi heerumaa kun hafaa waan jiruuf afoolawwan sirnicha keessaa sadarkaa gadiaanaarratti argamu. Kunis dhiibbaa guddina saaynsiifi teeknooljiifi amantiin ta’uunsaa hubatameera..

### 5.3 Yaboo

Yaboon qorannichaa argannoo bu’uraa irratti hundaa’un akka armaan gadiitti ibsamanii jiu. Duudhaan haawasaa kanneen safuu, amaantiifi falaasamaa kuusaa dhalotaa dhalootatti dabarsaan keessaa ga’ee guddaa kan qabuufi isa olaanaadha. Haa ta’uu malee sirna kana keessatti qabiyyeewwan, afoolawwaniifi fakkoommii dhimma itti bahaman yeroo amma kan dagatamaa dhufuun beekumsiifi dhuudhaan hawasichaas dagatamuu irraa darbee sadarkaa baduu irraa gaha jiraachuun isaa argameera.. Kanaafuu :

- Haawasni Oromoo keessatuu Waajjirri aadaafi tuurizimii godinaa hanga gandaatti jiran yaada itti kennuun akka hinbadne qoratanii (yoo danda`ame waraabbiin) kaa`uu gaarii ta’a..
- Manguddootni aanaa kanaa waa`ee aadaafi duudhaa beekan (abbootii irraa fuudhan) imaanaa dhaloota dhufuuf bifa dagatamuu hin qabneen dabarsuun irraa eegama.
- Duudhaan hawaasaa kun durii kaasee hanga ammaatti afaaniin dhaloota irraa dhalootattii daddarbaa kan dhufe ta`uun isaa ni beekama. Haata`u malee otoo viidiyoodhaan waraabamee irra caalaa bu`aa qabu. Akkasumas manguddoottni ganda keessa jiranitti safuu hawaasa keessaa osoo dhaloota barsiisanii bay`ee gaariidha.

Walumaa galatti aadaan hawaasaa kun akka hin badnefi dhalootaaf itti fufinsa akka qabaatu kanneen tumsuun akka armaan gadiitti eeruuf yaalameera.

1. Hayyootni fookiloorii barsiisotni afaan ,afoolaafi qabiyyeewwan aadaa hawaasaa ibsan kana qorachuun galmeessuun dhaloota dhufuuf dabarsuudha.
2. Waajjirri aadaafi tuurizimii aanaa kanaa duudhaa hawaasaa kanaa qorachuun godambaa keessa kaa`uun namootni akka baran gochuu qaba.
3. Qorattootni fookiloorii dhimma duudhaa hawaasaa kanaa irratti hayyoota Oromoo ilaallatu waliin ta`uun aadaafi duudhaa gatamaa dhufe kana dhalootaaf dabarsuun dirqama irraa eegamu bahuu gaarii ta’a.

4. Biiroo aadaafi Tuurizimii ta`ee dhaabbileen barnoota aanaa Calliyaa hawaasa keessatti gadi bu`uun gumii dagaagina aadaa m/barnootaa keessatti hawaasaa dhaabuu qabu.
5. Duudhaa hawaasaa kana sababa amantii,saayinsiifi teknolojiin jiru hayyootniifi abbootni amantii waliin ta`uun waantoota aadaa irratti dhiibbaa fidan mari`achuun aadaafi amantiin akka turu taasisuun gahee isaanii bahuun irraa eegama.

Walumaagalatti qorannoon kun qabiyyee, afoolaafi fakkoommii sirna fuudhaafi heerumaa sabbatmarii keessa jiru qaacceessuu yoo ta`u yeroo ammaa kana sadarkaa inni irra jiruufi garamitti akka deemaa jiru qaaccessuun dhaloota boruuf bu`uura ta`uu akka danda`utti qorannoo kana qorattuun gaggeessitee jirti.

## WABIILEE


Adunyaa Barkeessaa. (2011). **Akkamtaa.** Qoranoo Hujoo: Finfinnee.

Alamayo Hayile (2007).**Sirna Gadaa**.Siyyaasa Oromoo Tuulamaa: Biroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa, Finfinnee.

Alice Mortan.( 1975). **Rethíng and Symbolism**. Combridge: Combridge University press

Aneesa Kassam and Gemetchu Megersa.(2003).**Iron and Beads**: *male and female symbols of creation.* A studyamong Booran Oromo in Hodder.I (2004).

Asaffaa Tafarraa .(2006). "Marriage Practices among the Geda Oromo: Finee Piriting by Far East Trading PLC.

Bascom,William.R.(1965). **Fourfunctionsoffolklore**. Inthe studyoffolklore, ed.AlanDundes. 279– 298. Asafa Jalata(2012).***Gadaa* (Oromo Democracy):** An Example of Classical African EnglewoodCliffs,NJ:Prentice Hall

Bell, Catherine.(1997). **Ritual**: perspective and Dimentions.New York: Oxford University press.

Ben-Amos,Dan.(1971).**Towardadefinition offolklore incontext.**InBauman

Berg .B. (2001). **Qualitative Research Methods for Sociel Science**. Calfornia.

Biraanuu Dirribaa.(201 5). "Qaaccessa Mallattoofi Hiika Ayyana Irrechaa Dirree Calalaqii" Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) gamisaan guuttachuuf qophaa'e .Muummee afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiif dhiyaate.

Biraanuu Shifarraa. (1998). **Tiraditional Recognition and Desition Making on Meta Selection by the Oromo Girls.**The act of "Asena" in Mecca Oromo of Western Shoa.

Birhane Tucho. (1982). Tiradition Marriage Practices Among the Oromo of Qelem,Wollaga, Ethopia.

Civilization. *The Journal of Pan African Studies*, vol.5, no.1, March 2012.Asmarom L. (2006). **Oromo Democracy**: An Indigenous African Political System. Asmara: The Red Sea Press, USA

Creswell, J. W. (1994). **Research Design**: Qualitative and Quantitative Approaches. Thousand Oaks, CA: Sage Publications

Darajjee Baqqaanaa(2015)**Qaaccessa Sirna Fuudhaafi Heerumaa Eeboo Irkifachaa Aadaa Oromoo Gujii Aanaa Gooree** Dig. Lammaffaa Guuttachuuf Yuunvarsitii Finfinnee.

Dastaa Dassalany.(2002).**Bu'ura Qorannoo**.Finfinnee: Dhaabbata Maxansa Boolee.

Devid.E. (2004). **Doring Research In the Real World**. London. Sage Publication Itd.

Dirribii Damissee. (2004). Ilaalcha Oromoo: Barruu,Safuufi Amantaa Oromoo. Finfinnee: Mana Maxansaa Finfinnee.

__________.(2014). **Seenaa Eenyummaa Oromoo**.Finfinnee.

Dorson R. (1972) .**Folklore and Folklife**. United States of America: University of Chicago

Dundes Alan . (1980).**whoarethefolk?InInterpretingFolklore**.1–19.Bloomington.

Encyclopedia Amercan .(2083). **VOM 2.USA**: University Chicago.

Fayyisaa Addunyaa. (2016).**Xiinxala Adeemsaafi Fakkoommii Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Kamisee.** Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (Ma) GuuttachuufQophaa'e, Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Humaanitii, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiif Kan Dhihaatu

Fekade Azeze. (2004).**Yesinekal Memeriya**.Introduction to oral Litirature

Finegan Ruth. (1992). **Oral Tradition and the Verbal Art**.a Guide to Research Practice.Lodn and New York :routledge

Galaanee Diimaa. (2016). "Xiinxala Raawwii Fuudhaafi Heeruma Gabbaraa Godina Arsii Nagallee" Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan Hinmaxanfamne.

Gammachuu. etal. (2001). **Afwalaloo Oromoo Salaalee Haala Beela** .(1977) Keessatti Wiirtuu Jaldii 9 Barruu Qormaata Wallina Afaan Oromoo: Finfinnee.

Gammachuu Magarsaa. (2004). **Oromo World View**. In OSA. Val. 12.

Greetz,Clifford. (1973**). The Internatiiional of Caltures.** New York: Basic Book Ing.

Hayiluu Bantii. (1997**). Coraa AAdaa Oromoo Jimmaa**.Oromiyaa:Bolee Printing Enterprise.

Hayiluu Hundee. (2016). “Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa’ela Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu” Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan Hinmaxxanfamne.

Iseacs Alan. ( 1981). **The Macmillan Encylopedia**.USA.Laurence Urdang Associatin Lts.

Kartz.J.J. (1972). **Semantic Theory.**New York**:**Harpe and ROW.

Melakneh Mangistuu.(2008). **Fundmntals of Litrature**. Addis Ababa:Commerial Printing Enteprise.

Mum.N. (1973). The symbol in ritual cntext. In JJ. Honigmaan (ed) Hand book of social and culture Antroplogy.p583.Chicago:Rand Mcnally.

Nagaash Toleeraa.(2015). “**Xinxaala Afoolaafi hiikaa fakkoommii sirna gaa‟**ela naqataa Aanaa Karrayyuu” Ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf qophaa‟e: Yuunivarsiitii Finfinnee.

Oring E.(1986).**Folk Group And Folklore Geners.**An Introdiuction.Longnam.Uthah University Press.

Oxford Dictionary of English, 2010:679).

Seefuu Guddisaa.( Qaaccesa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heeruma Oromoo Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Amboo Irratti Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunvarsiitii Finifinneetti kan qophaa’e.(kan hin maxxanfamne).

Shuumee Daamxee. (2016). “Qaaccessa Faayidaa Arrabsoo Naqatanii Fuudhuu” Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa amuruu Waraqaa Qorannoo Digiii Lammaffaa Kan Hinmaxanfamne

Sims and Stephens.(2005). **Living Foklore .**An Instraction to the study of people on their Tiradition .Logan Utah.Utah. Unversity press.

Solomoon Tashome. (2007). Yefoklor Mininetina Yexinatu Tikuret Aqxaca. Addas Ababa, far east trding Plc.

Suufee Guddataa. (2016). "Qaaccessa Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromoo Wallagga Aanaa Giddaa" Waraqaa Qorannoo Digirii LammaffaaKan Hinmaxanfamne.

Taaddaaa Zallaqaa. (2011). "Xiinxala Srboota Fuudhaafi Heerumaa Godina Shawaa Kaabaa aanaa Abbicuuufi Nya'aatti Digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf qophaa'e.

Tena Dawo. (2008). **The Cncept of Peace in the Oromo Geda Systm**. Its Mechanisms and Moral Dimension in the Jornal of Oromo studies, Volume 15, Number.

Todorov,Tazventan. (1982). **Symbolism and Interpritation.Ithaca**.**N,Y:** Cornell University.

Tuner,V. (1969). **Forms of Symbolic Action in R.F. Spenser Forms of Symbolic Action, Proceding of the Sipring Meeting.Amercan Ethnological Society**. Seattle:University of Washington Press.

William Boscom. (1965). **Four Function of Folklore**. Jornal of amercan Folklore: (Vol.67:1954. pp[33 -49)]

Wood Ward Ian. (2007). **Understanding Material Culture.**SAGE Publication.India Pvt.Ltd.

Yeneenesh Saamu"el. (2010). "**Qaccessa Sirba Fuudhaafi Heeruma Oromoo Wallaggaa**, Aanaa ."Giddaa Ayyaanaa Ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf: yuunivarsiitii Finfinnee.

Zoltan,Dorneyie. (2007). **Method in Research Applied Linguistic:** Quantitive,Qualitive and Mixed Methdolgys.Oxford University Press.

Toora Marsariitii: (http:Answers yayoo. Com question/index? Qid=20100518092640 AACq 6cd). Gaafa guyyaa 23/08/2010 ilaalame.

http.WWW.hertage org/research/rporters/2013/03/ Marriage.What it is why matter and – the consequences of redfining-it.

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

**Koolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanotaa,Joornaalizimiifi Sabqunnamtii MuummeeAfaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii**

**Kabajamtoota Odeefkennitootaa**

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuu “qaaccessa qabiyyeewwanii,aoolawwaniifi fakkoommii sirna ffuudhaafi heeruma sabbatmarii Oromoo Shawaa Dhihaa Aanaa Calliyaa” jedhu irratti ragaa funaannachuudha.Kanaafuu hirmaannaan isin kallattiidhaan(afaaniin) deebii naaf kennitan milka’ina qorannoo kanaatiif baay’ee barbaachisaa waan ta’eef,kan hawaasni duraan itti fayyadamaa ture amma itti fayyadamaa jiru osoo irraa hinhambisiin natty himuun gahee isin irraa eegamu akka naaf gumaachitan kabajaan isin gaafadha.Ragaan funaanamu kunimmoo qorannicha qofaaf kan oolufi icitiin isaa kan eegamu ta’uu waadaan isinii gala.

Kutaa duraa – Odeeffannoo waa’ee odeefkennitootaa

Maqaa ______________________

Umurii ______________________

Saala _______________________

Ganda _______________________

Gahee hojii ___________________

Gaaffiilee Afgaaffiifi Mariigareef Qophaa’an

1. Hawaasa kana keessatti gosootni fuudhaafi heerumaa maal fa’I ?
2. Haalli kadhannaa sabbatmarii akkamitti adeemsifama?
3. Qabiyyee (waantootni)fuudhaafi heerumaa sabbatmarii gaafachuu keessatti gaafachuu keesatti barbaachisan maal fa’ i?
4. Jechootni sirna kadhannaa kana keessatti tajaajilaman maal fa’i?
5. Haala kamiin fakkeeffama?
6. Akka duudhaa hawaasa Oromoo naannookanaatti namootni sabbatmariin intala isaanii yoo heerumsiisuu didan maaltu ta’a jedhamee amanama?
7. Weedduuwwan cidha duraafi boodaa maal fa’i? Eenyutu weeddisa,ergaan isaanii maali?

**Dabalee B**

**Koolleejjii Namooomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtiifi Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

| T/L | Maqaa Guutuu | Saala | Umurii | Ganda | G/Hojii | Odeeffannoo Iraa argame | Guyyaa odeeffannoon kenname |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Tamasgeen Makuriyaa | Dhi | 72 | Geedoo 02 | Jaarsa biyyaa | Adeemsa sabbatmarii, qabiyeefisirnasaa | 04/03/2011 |
| 2. | Tasfaayee Dheeressaa | Dhi | 44 | Aallee | Q/bulaa | Waantoota barbachisa | 21/05/2011 |
| 3. | Alamii Tarreessaa | Dha | 46 | T/Cobii | Q/bulaa | Adeemsa sirnichaa | 21/06/2011 |
| 4, | Shittoo Biqilaa | Dha | 38 | Wagdii | Q/bulaa | Haala eebbaa | 29/09/2011 |
| 5. | Tolashii Akkuree | Dha | 41 | Wagdii | H/siiqee | Hiika weedduuwwani | 13/09/2011 |
| 6. | Leellisaa Qaqqabaa | Dhi | 52 | Geedoo | Hojjetaa | Adeemsa isaa | 02/07/2011 |
| 7. | Dhibbaa Darrasaa | Dhi | 48 | | jiraataa | Qabiyee barbaadamu | 14/04/2011 |
| 8. | Jabeessaa Tolasaa | Dhi | 38 | Geedoo | I/G/W/A/T. | Odeeffannoo Aanaa | 23/02/2011 |
| 9. | Kabbadaa Maammoo | Dhi | 41 | Geedoo | I/W/K. | Safuufi dhuudhaa hawaasichaa | 19/02/2011 |
| 10. | Dheeressaa Qalbeessaa | Dhi | 60 | T/Kosor | Q/bulaa | Raawwii sirnichaa | 12/03/2011 |
| 11. | Caalettii Kumaa | Dha | 65 | Jaarsoo | Mangudd oo | Meeshaa Aadaa | 14/09/2011 |
| 12. | Taakkalaa Hirphaa | Dhi | 64 | Cobii | H/Wang | Duudhaa | 02/07/2011 |
| 13. | Taarikuu Baqqalaa | Dhi | 56 | Waliyye | A/gadaa | Haala suuqqanaa hirreessa | 04/03/2011 |
| 14. | Kabbadaa Mokonnon | Dhi | 45 | Jaarsoo | Q/bulaa | Adeemsa isaa | 21/05/2011 |
| 15. | Boontuu Toleeraa | Dha | 34 | T/Geedo | Q/bulaa | Fokkoommiisirnichaa | 15/09/2011 |

**Dabalee C**

**Koolleejjii Namooma,Qorannoo Afaanotaa,Joornaalizimiifi Sabqunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii**

Suura Haala Kadhannaa Dhaabanna Sabbatmarii Mul'isu (Madda: Gaafa 14/09/2011 qorattuudhaan kaafame)











Suura Marii Garee Jaarsolii taasisaan. (Madda :Gaafa Guyyaa 14/04/2011 qorattuun kaafte).

**Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe’ee Warra Intalaa**

Sabbatmarii dhaabatanii eega  warri gurbaafi warri intalaa yaadaan walitti dhufanii booda beellama qabatu. Yeroon geessee gaafa guyyaan heerumaa akka boruu ta’u intalliifi hiriyaanni ishee hiiroo dhaayatu.(Aaddee Alamii Tarreessaa gaafa guyyaa 21/06/2011).

Addaggee mugde abshiloo gubde

Abshiloo hingubne keessi midhaani

Saphii kee gubde keessi injiraani

Abuunaa gaashee limmuurra eebantu

Abuuqaa haadha kee jibba hinbeekkattu

Kan gama adeemu gaangeedhan se’e

Abbaa fardaati, Toonnoon miila kee kopheedhan se’e

Abbaa baraati.

**Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe’ee Warra Gurbaa**

Loon keenya keessaa, Shantameen kaarra,

Maadha naan jette, Shaarmuxeen har’a,

Ati obboleessa, Sin golgoleessa,

Sabbata dha’ii, Taraattariitoo, Atumtoo fiigi,

Qaracamiitoo Yoo hodhaa feete,

mutaan gumbiirra Yoo laachuu feete, mudaanmuddirra

Hodhitee hinmurtu, irree hinjabaattu

Kennitee hindiddu, garaa hinjabaattu

Hodhitee gooddi, maal sararuun

Hodhaa isaas hodhi, halaalaan makii

Kennaa isaas kenni, najalaa maqii

Anoo walleedhaa wallee bartuudha

Sagal na waamuu shan natti dhaamu

Atoo harreedhaa, harree dhaltuudha

Sagal siyaabuu, shan sitti dhaabu.

Dibbeen koo hiniyya cidha baasuuf

Qe‟een kee hiniyyaa si dhibaasuuf

Biiftuun hinquuqxu Yeroo achii quuqxu nicalalaqxi

Diimtuun hinquuftu Yeroo achii quuftu niwaxabatti.

Loon keenya keessaa, Shantameen kaarra,

Madaa naan jette, Shaarmuxeen har'a,

Atiobboleessa,Singolgoleessa,
Atumtoo fiigi Qaracamiitoo

Sabbata dha'i Taraattariitoo

Olaale-laalee yaa siyye

Goommana sooddoon haramaa

Udduun (X) majagaa

Booyyetu laalee wajaga

Booyyee kormaatu dhale

Reefu asmaraan si tolee (Obbo Dhbbaa Darrasaa gaafa guyyaa 14/04/2011).

Afoolawwan weedduu arrabsoo armaan olii qabiyyee garaagaraa ofkeessaa qabu. Kunis haala dhugaa qabatamaa warra gurbaafi warra intalaa hermtuu osoo hintaane karaa alkallattii ta'een dhaamsa garaagaraa dabarsuudha. Kanneen keessaa muraasin arrabsoo sanyii sagaagalummaa, qulqullina duunfaa, ogummaafi k.k.f.dha.

**Suura jaarsolii yeroo Maree Garee Adeemsisanii (Madda :Gaafa guyyaa 14/09/2011 qarattukaasifatte ykn Kaafte ).**





# Ibsa

Ani qorattuun maqaankoofi mallattoonkoo armaan gaditti eerame qorannoon kun hojiikoo ta'uusaafi kanaan dura yuunvarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hinhojjetamne ta'uusaa akkasumas,wabiin qorannoo kanaaf dubbise hala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uukoo nan mirkaneessa.

Maqaa : Araggaash Leellisaa

Mallattoo ___________________________

Guyyaa _____________________________

Maqaa Gorsaa _______________________

Mallattoo ___________________________

Guyyaa ____________________________